# XIINXALA AFSEENAAFI AFWALALOO ULAA DUULAA KUTAA MAGAALAA LAMMII KURAA: MALEENYAA SEENAWAATIIN

**SANYII GARBII GAMMACHUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUN GUUTTACHUUF KAN DHIYAATE**

**YUUNIBARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLAJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**GURRAANDHALA, 2017**

**FINFINNEE, OROMIYAA**

**XIINXALA AFSEENAAFI AFWALALOO ULAA DUULAA KUTAA MAGAALAA LAMMII KURAA: MALEENYAA SEENAWAATIIN**

**SANYII GARBII GAMMACHUU**

**GORSAAN: ASAFAA TAFARRAA DIBAABAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUN GUUTTACHUUF KAN DHIYAATE YUUNIBARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLAJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**GURRAANDHALA, 2017**

**FINFINNEE, OROMIYAA**

Yuunibarsiitii Addis Ababaa dhaabbata qorannoo digirii lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf Sanyii Garbii Gammachuun mata duree ‘Afseenaafi Afwalaloo Ulaa Duulaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa: Maleenyaa Seenawaatiin Xiinxaluu’ jedhurratti qophaa’ee adeemsa barbaachisu keessa darbuun sadarkaa ulaagaa yuunbarsiitichi kaa’e guuteera.

Koree qormaataa

| | | |
|---|---|---|
| ____________________ | ________________ | _______________ |
| Qoraa keessaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ____________________ | ________________ | _______________ |
| Qoraa alaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ____________________ | ________________ | _______________ |
| Gorsaa | Mallattoo | Guyyaa |

## Axeerara

Qorannoon kun kan gaggeeffame, Xiinxala Afseenaafi Afwalaloo Ulaa Duulaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraarratti. Kaayyoowwan qorannoo kanaa inni guddaan, gaaffilee ka'umsa qorannichaa ta'an, bakka seenaa Ulaa Duulaa ilaalchisee afseenaan akkamii akka dubbatamu, hidhata Oromoofi lafa isaa waliin qabu akkamiin akka ibsuufi afwalaloon isaan walqabatanii dhiyaatan maal akka fakkaatus xiinxalameera. Milkaahina kaayyoo kanaaf mala akkamtaatti dhimma bahameera. Kana fiixaan baasuufis, mala iddattoo kaayeeffataafi darbaa dabarsaa bu'uura godhachuun, odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an madda ragaa tokkoffaarraa kanneen argamaniidha. Maddi ragaa tokkoffaa, namoota waa'ee bakka seenaa sanaan walqabatee afseenaafi afwalaloo isaa sirriitti beekaniidha. Argannoon qorannichaa akka agarsiisutti, "Ulaa Duulaa," bakka Oromoon naannichaa qabiyyee ykn weerara 'Nafxanyoota' fi abbootii lafaa Habashootaa mormachuuf duula itti bahaa turan yemmuu tahu, akka karra bahiinsaatti ykn 'Ulaa' tti illee tajaajilaa kan tureedha. Sanirraa ka'uunis, maqaa bakkichaa 'Ulaa Duulaa' akka jedhamee dha. Akkasumas, akka giddu-gala sochii siyaasaa yeroo sanaatti kan tajaajile yemmuu tahu, innis, gosti 'Arraabsaafi Gaaleeyyii' jedhaman abbootii lafaa (Nafxanyoota) ofirraa qolachuuf diddaa *(resistance)* walirraa hin cinne taasisaa turan kan ittiin yaadatan, bakka seenaa *(historical site),* fakkoommii diddaa *(symbolic resistance)* isaaniiti. Afwalaloon bakka seenaa kanaan walqabatanii dhiyaatan, afawalaloo abbaa lafaan walqabatan, lola Xaaliyaanii, 'Nugusa Warra Erar,' dhiibbaa amantiifi 'Naafxanyoota' waliin walqabatan qorannoo kana keessatti wal duraa-duubaan xiinxalamaniiru. Bakkeewwan ulfoo naannichaa, kanneen dhaabbilee amantii birootiin dhiibamaa turan/jiran kan akka *Bakka Muudaa Birbirsaaa, Tulluu/Siidaa Kormaa, Malkaa Irreessaa Gunjaar, Malkaa Bashaallee, Malkaa Carii, Malkaa Xaafoo, Malkaa Irreessa Aqaaqiifi Tulluu Araaraati.* Qorattoonni afoolaa, seenaafi seenaa naannoo bu'aa bakki kun qorannoo afoolaa, seenaafi kunuunsa naannoo keessatti qabu as baasuu qabu. Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaas, bakka seenaa Ulaa Duulaa qorachuu, kunuunsuufi eeguu, bakka daawannaa taasisuu, afseenaafi afoola bakkichaas dhalootaaf dabarsuutu irraa eegama.

## Galata

Duraan dursee qorannoo kana milkeessuuf, haala ammaa kana qabatee akka qophaa’uuf yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffii tokko malee gama ogummaan deeggarsa kan naaf godhan, najajjabeessaafi na sirreessaa kan turan gorsaa koo Asafaa Tafarraa Dibaabaa (PhD) guddaan galateeffadha. Ittaansuun yeroon qorannoo kana dalagu, yeroo hundaa nuffii malee akkan xumuruuf irra deddeebiin haamilee kan natti horaa turte Suufee Mirkanaa galanni ani siif qabu guddaadha. Gama biroon, yeroon qorannoo kana gaggeessu na cinaa dhaabbachuun deeggarsa yaadaafi maallaqaa kan  naaf taasisan Barsiisaa Xibabuu Buzaayyoofi abbaa kiyya Garbii Gammachuu yeroo hundaa nuffi malee gargaarsa namummaafi yaadaa, si’a danuu naaf gootaniif galata guddaan isiiniif qaba. Galanni keessan dacha haa ta’u. Dhumarratti, galma ga’insa qorannoo kanaaf namoota odeeffannoo naaf kennitan gumaachi keessan olaanaa waan waan taheef galanni kiyya guddoodha.

## Jibsoo

Jechoonni kanaa gaditti ibsaman qorannoo kana keessatti haala galumsaafi akkaataa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa keessatti hawaasni hiika kennuun hiika jechootaa kennamaniidha.

**Abbaa Lafaa:** namoota humnaan lafa bal'aa qabatanii hawaasa naannoo sana jiraatu ofii isaanii kan hojjachiifataniifi gibira kan irraa funaanatanidha.

**Baandaa:** hawaasa waliin jiraatu gidduudhaa bahee, sabaafi eenyummaa isaa ganuun, qaama biraaf ergamuun, hawaasa ofiirratti ergama qaama faallaa fudhachuun dhiibbaa kanneen raawwataniidha.

**Nafxanyaa:** garee siyaasaa kan jaarraa 19ffaa dhuma irratti qawwee 'Nafxi' jedhamuun fayyadamee kaaba irraa duula jalqabee, humnaan biyyattii hacuucee bulchaa kan ture.

**Abdaarii:** sirna kadhataafi galataa hawaasni taasifatudha.

**Afwalaloo**: amala muuziqaa kan ofkeessaa qabu gosa ogfaanii ta'ee, bifa walalootiin kan himamuufi salphaatti sammuutti qabatamuun, afaaniin dhalootaa dhalaatatti kan darbudha.

**Afseenaa**: afaaniin kan dhiyaatu ta'ee, bifa holoolootiin qindeeffamee afaaniin seeneeffamuun dhaloota irraa gara dhalootaatti kan darbudha.

**Nagusa Erer:** ayyaantuu warra Erer kan naannoo bakka ulfoo Gaara Erer jiraachaa ture jechuudha

**Gaara Erer:** bakka ulfoo Erer kormaa jechuun kan hawaasni naannoo sanaa ittiin waamanidha**.**

**Gumgummii:** rakkoowwan karaa adda addaatiin nama mudatan jalaa miliquufi ilaalcha dhimmicha irratti qaban calaqqisiisuuf bifa ogafaanitiin kan dubbannu ta'ee, altokko tokko yeedaloo qabaachuu danda'a.

# Table of Contents

Axeerara ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Ibsa Bakka Qorannichaa ........ 5

1.6.1. Hidda Latiinsaa ........ 8

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 11

2.1. Afoola ........ 11

2.1.1. Amaloota Afoolaa ........ 13

2.1.2. Faayidaa Afoolaa ........ 14

2.1.3. Gosoota Afoolaa ........ 15

2.1.3.1 Afseenaa ........ 15

2.1.3.1.1. Amaloota Afseenaa ........ 17

2.1.3.1.2. Faayidaa Afseenaa ........ 19

2.1.3.1.3. Gosoota Afseenaa ........ 21

2.1.3.2. Afwalaloo ........ 22

2.1.3.2.1. Gosoota Afwalaloo ........ 24

2.1.3.2.1.1. Weedduu ........ 25

2.1.3.2.1.2. Afwalaloo Sirbaa ........ 25

2.1.3.2.1.3. Afwalaloo Geerarsaa ........ 26

2.1.3.2.1.4. Afwalaloo Gumgummii ........ 26

2.1.3.2.1.5. Afwalaloo Faaruu Gootaa ........ 27

2.2. Yaaxina Qorannichaa ........ 27

2.2.1. Yaaxina Seenawaa ........ 27

2.2.2. Yaaxina Tajaajilaa ........ 28
2.3. Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii ........ 29
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOOFI MALA QORANNICHAA ........ 32
3.1.Saxaxa Qorannoo ........ 32
3.2. Madda Odeeffannoo ........ 33
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu Qorannichaa ........ 33
3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa ........ 34
3.4.1. Daawwannaa ........ 35
3.4.2. Af-gaaffii ........ 35
3.4.3. Marii Garee ........ 37
3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee ........ 37
3.6. Qindoomina Qorannichaa ........ 38
3.7. Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration) ........ 38
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ........ 40
4.1. Afseenaa bakka Ulaa Duulaa ........ 40
4.1.1. Moggaasa Bakka Ulaa Duulaa ........ 41
4.2. Hidhata Afseenaan Ulaa Duulaa Oromoofi Lafa Isaa Waliin Qabu ........ 42
4.2.1 Nugusa Warra Erer ........ 42
4.2.2. Faayidaa Nugusni Erer Uummata Naannoo Sanaatiif Buuse ........ 45
4.2.3. Lola xaaliyaanii ........ 45
4.2.4. Diddaa Abbootii Lafaa ........ 46
4.2.5. Diddaa Dhaabbilee Amantii ........ 48
4.2.5.1 Dhiibbaawwan Iddoowwan Ulfoo Irra Gahaa Turan ........ 48
4.2.5.1.1. Bakka Muudaa Birbirsaa ........ 49
4.2.5.2.2 Tulluu Kormaa / Siidaa Kormaa ........ 49
4.2.5.6. Bakkeewwan Ulfoo Naannoo Ulaa Duulaatti Argaman. ........ 49
4.2.5.6.1. Malkaa Irreessaa Gunjaar ........ 50
4.2.5.6.2. Malkaa Bashaallee ........ 50
4.2.5.6.3. Malkaa Carii ........ 50
4.2.5.6.4. Malkaa Xaafoo ........ 51
4.2.5.6.5. Malkaa Irreessaa Aqaaqii ........ 51

4.2.5.6.6 Tulluu Araaraa ... 51
4.3. Afwalaloo Ulaa Duulaan walqabatanii jiran ... 52
4.3.1. Ulfina Tulluu Ereer ... 52
4.3.2. Afwalaloo dhiibbaa amantii ibsu ... 53
4.3.3 Afwalaloo diddaa keessoo hawaasa naannoo Ulaa Duulaa ... 54
4.3.4. Afwalaaloo diddaa abbaa lafaa ... 55
4.3.5. Afwalaloo diddaa Xaaliyaanii ... 59
4.3.6. Afwalaloo Balaaleffannaa Nafxanyoota yeroo Sanaa ibsu ... 60
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 63
5.1. Cuunfaa ... 63
5.2. Argannoo ... 65
5.3. Yaboo ... 65
Wabiilee ... 67
Dabalee A ... 70
Dabalee B ... 72
Dabalee C ... 73
Dabalee D ... 74
Dabalee E ... 75

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon tokko adeemsa saayinsaawaa hordofuun kan gaggeeffamu yommuu ta'u, sababaafi kaayyoo gaggeeffamuuf kan mataa isaa qaba. Innis, karaa ittiin rakkoo uumame tokkoof mala dhahuufi beekumsa haarawaa argamsiisuuf kan gaggeeffamuudha. Qorannoon kunis, boqonnaa jalqabaa keessatti qabxiilee akka seenduuubee qorannichaa, ka'umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqinaafi ibsa naannoo qorannichaa walduraa duubaan nidhihaatu.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Jiruufi jireenya isaa keessatti ilmoon namaa bakkeewwan adda addaatti seenaa dalaguun yookaan dalagamee darbe akka seenaatti ol kaa'uun, bakkeewwan kun bakka beekamoo tahu. Walitti dhufeenyi uummanni bakka wajjjin qabu yOmmuu ilaallu, haawaasni sun naannoo qubsuma tokkoo irra yeroo waliin  jiraatu ilaalcha, fedhii miira ittiin ilaalu kan mataa isaa qaba. Seenaan bakkeewwan beekamoo kanaa kun immoo, dubbii afaaniifi afwalaloon daddarbuu mala. Kanarraa ka'uun, afseenaafi afwalaloon muuxannoo beekumsa hawaasni garee tokko keessa jiraatu bara dheeraaf waliin horate dhalootaa dhalootatti daddabarsuu keessatti faayidaa guddaa qabu. Afseenaafi afwalaloon gosoota afoolaati. Afoolli immoo, beekumsa saba tokkoo dhalootaa dhalootatti kan daddabarsuudha.Yaaduma kana hayyuun Javansina (1965:226) akka armaan gadiin ibsa: *"Oral traditions are sourse of aspecial nature. Their special nature from the fact that they are 'unwritten' sourses couched in aform suitable for oral transmission, and that their preservation depends on the powers of memory of successive generations of human beings"* Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli madda uumama addaati. Addummaan uumama isaaniis kan dhufe barreeffamaan tahu dhabuufi afaaniin akka daddarbuuf haala mijateen kan fudhatameefi turtiin isaaniis dhalootaa gara dhalootaatti dandeettii sammuutti qabaachuu dhala namaa irratti kan hundaa'e tahuu isaati.

Karaa beekumsi saba tokkoo ittin lufu keessaaa inni tokko afoola. Afoolli damee fooklorii ta'ee seenaa, aadaa, duudhaa, beekumsa, amantaa, falaasamaafi ilaalcha inni uumaafi uumamaaf qabu hunda isaa hawaasa sirna barreeffamaatti bal'inaan dhimma bahaa hin turreef qooda olaanaa taphachaa kan tureef, jirudha. Innis afaaniin qindaa'ee, afaanumaan deebi'ee hawaasa sanaaf dhihaata. Yaaduma kana Fineegan (1992:17) akkaataa kanatti ibsiti, "*a form of art comprising*

*different types of stories, proverbs, sayings, spells, songs, incantations and other formulas which employ spoken language as their medium".*Akka yaada barreessituu kanaatti ogafaan gosa aartii kanneen akka afseenaa, hiibboo, durdurii, mammaaksa, sirba, jechoota humna qabaniifi filatamoo ta'aaniin kan dhihaatanidha. Kana malees, ogafaan ogummaa dubbii afaaniitiin yeedaloon itti ba'ee yookiin bifa afseenaan yeedaloo malee beekumsa hawaasaa irratti kanxiyyeeffannoo kennuudha. Hayyuuwwan garaa garaa afoola kana bakka addaa addaatti qooduun ilaaluuf yaalaniiru. Yaaduma kana Tafariin (2010:180-184), kitaaba barruulee qormaata Afaan Oromoo jildii10[ffaa] jedhamu keessatti, qoqqoodama afoolaa akkaataa kanaa gadiin ibsee jira. *Afoola bifa af-hololoon dhihaatu (argaa dhageetti, sheekkoo, durdurii), kan bifa afwalaloon dhihaatu (af-walaloo jaalalaa, geerarsa, hojii, amantii, jilaa, fottotoo, mirrissaa, gaddaa)fi af-mammaaksi immoo (mammaaksa, hibboo)fi kk fa'aadha..*

Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli bifa sadiin dhihaachuu danda'a. Innis, af-hololoo, af-walaloofi af-mammaaksadha. Afoola gooroowwan armaan olii kanatti qooduun afoola hiika sirrii kennuuf yaalii adda addaa gochuu isaanii argina.

Akka waliigalaatti, afoolli amala seenaa waliin walitti isa hidhu waan qabuuf, kallattii seenaatiin aadaa, duudhaa, safuu, eenyummaa hawaasa karaa irraa maqfamee barreeffame tokko qajeelchuu keessatti akka salphaatti kan ilaalamu miti. Yaaduma kana Janvansina (1985:8) 'Oral tradition as History' jedhu keessatti:

> *Oral traditions had a part to play in the construction of the past. The importance of this part varies according to place and time. It is a part similar to that played by written sources because both are messages are key elements in historical recounstraction. When writing fails tradition comes on stage. This is wrong wherever oral traditions are extent they remain an indispensable source for reconstruction. They correct other perspective just as much as other perspective correct it.*

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, ragaaleen afoolaan argaman akkuma ragaalee barreeffamaa, ergaa akka dabarsaniifi ijaarsa seenaa darbe keessatti seenaa barreeffamaan jiru waliin akka ragaaleetti yoo xiinxalamu gahee wal qixa tahe akka qabaniif, seenaa dogoggoraan barreeffame sirreessuu akka danda'aniif, ofiis ittiin sirreeffamuu akka qaban hubanna.

Kutaalee Magaalaa Lammii Kuraa keessa bakkeewwan seena-qabeeyyii hedduutu jiru. Haa tahu malee, sababa dhiibbaa mootummoota darbanirraa kan ka'e, dhugaa qabatamaan iddoowwan seena-qabeeyyiin kun dhaloota har'aa biratti beekamtii hinqaban. Ulaa Duulaan naannoo kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee kutaa magaalaa Lammii Kuraa keessatti kan argamu tahus, seenaan isaa dhaloota har'aa biratti baay'ee beekamaa miti. Dhugaan qabatamaa bakka seenaa kanaa afseenaafi afwalalootiin dhalootatti darbaa kan dhufeedha. Dhugaa qabatamaa iddoo seenaa kanaa immoo qoratanii bifa barreeffamaatiin dhalootatti dabarsuun barbaachisaadha. Kanarraa kahuun, qoratichi mata duree qorannoo "Xiinxala Afseenaafi Afwalaloo Ulaa Duulaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa: Maleenyaa Afoolaafi Seenawaatiin" jedhu irratti qorannoon gaggeeffameera.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ka'umsi qorannoo kanaas, qoratichi hojii mootummaan waggoota muraasaaf bakka seenaa kana dalagaa kan ture yommuu tau, kanarraa ka'uun, hawaasni bakka seenaa Ulaa Dulaa jiraatu rakkoowwan isa mudachaa turan yeroo isaan gumgummii adda addaatiin miira isaanii dagachiisuuf, afwalaloo:

*Hoolota gugguurraa yaa gaggaarree*
*Abbaa lafaa yaa faggaarree*
*Nan bita kaloo koo fagaadhee*
*Yoon shillingii koo qabaadhe.*

*Sii bahe biyyaa si bahee≠2*
*Yoo hadaan miidhaan siif tahee*
*Yoo waraabuun ollaa sii tahee*
*Yoo Sardidni ollaa sii tahee*
*Abbaa lafaa yaa girgideecha*
*Amma dhufee shiboon wal nu qixxeechaa* jedhu kanaatti fayyadamuun, "dur hawaasni keenya gaafa bakka Ulaa Duulaa irraa gosti Arraabsaafi Galeeyyii naannoo kanarraa buqqa'uun Baaleefi Jimmatti godaansifaman daa'immaan duuba deemuun afwalaloo kana fayyadamaa jala yaati|" jechuun yeroo isaan quuqama isaanii bifa qorqalbii cabaafi sansakaa miiraan guutameen ibsachaa turan dhaga'aa ture..

Sababa kanarraa kan ka’e, qoratichatichi afseenaafi afwalaloo iddoo hawaasni kun irraa buqqaa’e kana qorachuuf fedhii guddaa horate. Kanumaan wal qabatee gaaffiileen qorannoo qorannicha keessatti deebii argachuu qaban jedhee tilmaamu, qoratichi akka armaan gadiitti kaa’eera.

1. Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa keessatti bakka seenaa Ulaa Duulaa ilaalchisee afseenaa akkamiitu dubbatama?
2. Afseenaan Ulaa Duulaa keessatti dubbatamu hidhata akkamii Oromoofi lafa isaa waliin qabaa?
3. Afwalaloon Ulaa Duulaan walqabatanii dhiyaatan maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo galmaan ga’uuf geeggeffamu qaba. Kaayyoon kunis gama lamaan kan ibsamu yoo ta’u, innis, gama kaayyoo gooroofi gooreen ta’a. Lamaan isaaniituu bifa armaan gadiin kan dhiyaataniidha.

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa: Afseenaafi afwalaloo Ulaa Duulaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa: maleenyaa seenawaatiin xiinxaluu yoo ta’u, kaayyoon gooree isaa immoo:

1. Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa keessatti bakka seenaa Ulaa Duulaan ilaalchisee afseenaa himaaman ibsuu.
2. Afseenaan Ulaa Duulaa hidhata inni  Oromoofi lafa isaa waliin qabu ibsuu.
3. Afwalaloon Ulaa Duulaan walqabatanii dhiyaatan ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon adeemsifamu tokko bu’aa mataa isaa qaba. Kanumarraa ka’uun, barbaachisummaa qorannoo tokkoo bakka qorataan qorannoo isaa eenyuun akka fayyaduu danda’u itti ibsuudha jechuun ni danda’ama. Addunyaan (2011:56) barbaachisummaa qorannoo yoo ibsu “gulantaan kun bu’aa qorannoo keenyatti eenyu faatu fayyadama gaaffii jedhu deebisa. Qorannoo keenya yoo barreessinus bu’aa qorannoo kanatti namoonni garee adda addaa gargaaramuu danda’u jechuun eegalla” jedha. Haaluma kanaan, firiin qorannichaa argamus bu’aawwan armaan gadii kan argamsiisu ta’a:

- ✓ Namoota waa'ee bakka seenaa Ulaa Duulaa baruu barbaadaniifi hawaasa kutaa bulchiinsa magaalaa kanaa irratti gama aadaa, duudhaa, falaasama, ilaalcha, seenaa hawaasaafi kkf qorachuu barbaadaniif karaa bana.
- ✓ Namoota bakka seenaa Ulaa Duulaa irratti hubannoo hin qabne, hubannoo itti uumuuf ni fayyada;
- ✓ Waajjirri Aadaafi Turizimii  Oromiyaa qaawwa argachuun qorannoo fookiloorii akka geggeessu onnachiisuu mala;
- ✓ Hubannoo hawaasni naannoo sanaa bakka seenaa kanneen irratti qabu dabaluun akka kunuunsaniif haala mijeessa.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon karaa lamaan kan daangeeffameedha. Karaa qabiyyeetin Xiinxala Afseenaafi Afwalaloo Ulaa Duulaarratti xiyyeeffachuun kan qoratameedha. Bakkaan immoo Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa jedhamurratti kan daanga'edha. Sababni daangeeffama isaa immoo rakkoolee yeroofi bajaetaa yoo ta'u dabalataan immoo raga quubsaafi qulqulluu argachuufis daangaa baldhisuurra xiqqeessuun waan filatameefidha. Raagaaleen qorannichaas, kutaa bulchiinsa magaalaa Lammii Kuraarraa kan funaanameedha. Xiinxalli qorannoo kanaa kutaalee bulchiinsa magaalaa biroof hojjechuu dhiisuu danda'a.

## 1.6. Ibsa Bakka Qorannichaa

Kutaan Magaalaa Lammii Kuraa, kutaawwan magaalaan Finfinneen qabdu keessaa tokko yommuu taatu of dandeessee akka kutaa magaalaatti kanhundoofte bara 2012. Duraan kutaa bulchiinsa Boolee jalatti bulaa turte. Magaalittiin gara bahiinsa kaabaa biyyatti irratti kan argamtu yommuu tahu, lafa heektaara 7860.7 uffistee argamti. Iddoon argama bulchiinsa magaalaa Lammii Kuraa Afrikaa Bahaa digirii laatiitiyuudii $9.0167^0$ yookaan $9^0$ 1' 0.1" Kaabaafi digirii loongiitiyuudii $38.872^0$ Baharratti argamti. Qubsumni kun lafa Oromoo yoo taatu, qabiyyee gosa Tuulamaa kan sadan Eekkaafi ja'an Galaan keessaa shanan Jiddaa muraasni irra jiraacha jiran yommuu ta'u. Hedduun isaanii kan lafa isaanii kana irraa dhiibamaniifi buqqa'anii Jimmaaf Baalee qubsiifamanidha.

Akka odeefkennitootni yeroo marii gareefi dhuunfaan kennanitti, hawaasni kutaa magaalaa kana keessa amma jiraachaa jiran saboota adda addaa yommuu ta'u, lafti kun amma illee lafa qubsumaan kutaa magaalota jiran keessaa Oromoo Tuulumaa ja'an Galaan hanga tokko irraa


jiraachaa jiruufi bal’inaan irra jiraachuun kutaa magaalaan kanneen biroo irra fooyyee akka qabu himu. Tuulamni gosa Oromoo keessaa lafa bal’aa irra kan jiraatuufi qubsummaan magaalaa Finfinnee dabalatee godinaalee Oromiyaa keessaa Shawaa arfan iddoowwan hedduu qabatee irra jiraachaa jira. Daangaan isaa dhihaan Oromoo Maccaa, Bahaan, Karrayyuu, Kibba Bahaan Affara, kibbaan Arsiifi Guraageen, Kaabaan Amaaraan kan daangeeffamu.

Kutaan kun immoo gara kaaba biyyattitti kan argamtu yemmuu tahu, kaabaan, Shaggar (Laga Xaafoo Laga Daadhii), Kibbaan kutaa magaalaa Qaallittii, Kibba Bahaafi Lixaan kutaa magaalaa Booleefi Eekkaadha. Uummatni kun jireenya isaa keessatti bakkeewwan jiraatu kana waliin hidhata guddaa qaba. Kutaan har’a ‘Lammii Kuraa’ jedhamee waamamu kun sababa mogggasni kun kennameef akka qabutu himaama. Akka odeefkennitootni jedhanitti, maqaan ‘Lammii Kuraa’ jedhu kun kan kennameef hidhata hawaasni Oromoo bakkee kana waliin qabu irraa ka’uun akka tahe himu. Baay’ina uummataa 382,843 kan qabdu yemmuuu tahu kilaasteera shantamii sagaliifi bilookii 508 kan qabduudha. Maqaan kunis maqaa of danda’oo lama irraa kan moggaffameedha. Innis, Lammiifi Kuraa kan jedhu irraa akka argattetu ibsama. Moggasni kunis maqaa gosaafi namaa irraa kahuun kan moggaafamanidha. Kuraan, ilmaan keessaa isa hangafa osoo taane oolmaa hangafaa ooluun hangafummaa akka argatetu himama. Innis, Kuraa, Jiddaafi Salaalee tahanii seera waraabachuuf, Odaa Nabee deemuuf qajeelan seerri kunis kan waraabamu safuun, dhugaan guddaa, xiqqaa, badiin biyyaatti akka dhufne, dhalli namaa gumaan badii akka dalagne, seera waaqa kana waraabachuun biyyi, sa’aa, namni uumamni waaqaa kamiyyuu gabiifi nagaatti akka jiraatuuf, badii godheef akkamiin akka qajeelfatu, namaaf, lafaaf, jecha dhugaa qajeelchuufi badiin yoo biyyatti dhufe badii kanaaf furmaata barbaduuf, seera kana waraabachuun dhufuuf akka bahaniidha. Haa ta’u malee, Odaa Nabee osoo gahiin hangafa kan tahe Jiddichi, korma daandii isaan deemaa jiran irratti qalame argeetu gidduun gara sanatti goree yeroo biraa hafu, Kuraan, Odaa Nabee deemee laga irra bulee seera kana waraabachuun yeroon deebihee akka dhufetu dubbatama. Kanarra irraa kahuun jaarsi biyyaa dubbii kana akka ilaalamu gaafa tahu, jaarsi biyyaa quxisuun osoo karaa irraa hinmaqiin laga irra buluun oolmaa hangafaa kana raawwachuun dhufuu isaa kana ibsuun oolmaa hangafti raawwachuu qabu raawwachuu isaa irraa kan kahe oolmaa isaa kanaa hangafummaa akka argatu akka taasifametu himama. Kanummaarraa ka’uun oolmaa hangafaati jedhamee, waaqa Kuraa Jiddaa akka jedhamee waamamu taasifame jechuun dubbatu. Bakkeewwaan kutaa magaala kana keessa jiranis irraa

hedduun isaanii maqaa gosa kanaan kan moggaheefi jarraa hedduun dura illee bakka kana jiraachaa kan turaniifi jiraachaa akka jiranidha..

Ka’umsi maqaa Lammii jedhuu kunis kan kennameef, namni Lammii jedhamu naannoo Gooroo, dugda Arraabsaafi Boolee, Lammiifi kutaa Boolee muraasa qabachuun bulchaafi jiraachaa kan ture hiddi dhaloota isaas gosuma kana keessaa kan taheefi naannoo kana waggoota dheeraaf horee, yaasee, dhalli dhala isaa jiraachuutu himaama. Kanaaf, maqaan Lammii jedhamu kun akka fudhatameetu dubbatama.


Moggasni maqaaa Lammii Kuraa jedhamu kun maqaa seenaa yommuu tahu, bakkeewwan kun walitti dhufeenya hawaasni kun bakka sana waliin qaban irraan ka’uun kan kennameef akka ta’e argina. Bakkeen kun, magaarisaafi lafa qotisaaf hedduu mijataa halli qilleensa isaa baddaa baratamaa kan looniif mijaa’adha.





Kaartaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraati. **Madda**: fuulbarruu kutaa magaalichaa irraa kan fudhatame (1/1/2016)

### 1.6.1. Hidda Latiinsaa

Ummanni Oromoo kutaa magaalaa kana keessa jiraatan gosoota hidda Tuulamaati. Akka ragaa Giddugala Aadaafi Turizimii Oromiyaa ibsutti, hiddi latiinsa Oromoo Tuulamaa kutaa bulchiinsa magaalaa Lammii Kuraa haala caatoo armaan gadiitiin kan mul'atuudha.




**Madda:** Wiirtuu Giddugala Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2012:170)

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessattis hanqinoonni qorataa muudatan keessaa adda dureedhaan ragaa madda odeeffannoo 1[ffaa] salphaatti argachuu dhabuu, Sababa gosti naannoo kanaa godaanuufi saba biroon walmakuu irraa kan kahe odeeffannoo kennuuf fedhii dhabuu. Akkasumas, hawaasni yeroo sana buqqaa'e deebihee dhufee lafa kana fudhachuun isaa hin oolu kan jedhu irraa kan kahe dhugaa jiru akka hin beeknetti of dhoksuufi qorataaf viidiyoo sagalee akka hin waraabne eeyyamuu diduu sababni isaas ragaan funaanamu kun akka bor isaan miidhuutti ilaaluufi namootni kun adeemsa keessa dhufanii lafa kana akka deebifatanitti amanuu isaaniiti. Keessumaa mala darba dabarsaan naannoo Gaara Erer yeroon deemu namootni hedduun isaanii saba biroon waliin walirraa fuudhuufi wal makuun kan jiraachaa jiran yemmuu tahu, waa'ee mata duree kanaa gonkumaa akka hin kaasneef yaada kennuu irraa of qusachuu gufuu guddaa qorataatti ta'eera. Waan qaamni biraa dhimma biraatif erges itti fakkaata. Haa ta'u malee, qorataan malleen adda addaa kanneen akka madda odeeffannoo 1[ffaa] obsaan barbaaduufi mata dureewwan qorannoo isaatiin hidhata qabanitti dhimma bahuun, yeroo isaa seeran qoqqoodee fayyadamuun, meeshaalee barreeffamaa kanneen akka waraqaafi kanneen biroo manneen barnootaa gaafachuuniifi iddattoota amansiisuudhaan ragaan isaan kennan qorannoo kanaaf qofa akka oolu itti himuudhaan yeroo barattoota manneen barnootaa sanatti barataa jiran waliin sochoo'uudhaan qorannoo isaa galmaan gaheera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Qorataan tokko mata duree qorannoo gaggeessuu tokkorratti qorannoo adeemsiisu sana irratti bu’aa qabeessa tahuuf, yaada hayyootaatiin deeggaramuun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2011:57) “Qorataan tokko mata duree isaatiin kan walqabatan kan duraan barreeffamee jiru sakatta’uun ogummaa odeeffannoo dhimma isaatiin hidhata qaban addaan baasuu, qindeessuu, gadifageenyaan xiinxaluuf ibsuun qorannoo tokkoof yaada hayyootaan barreeffamee mata dureen walsimu sakatta’uun hedduu barbaachisaa akka ta’edha.” jechuun ibseera.

Haaluma walfakkatuun, Berg (2011:19) waa’ee sakatta’a barruu yommuu ibsu, “Aliterature review is an account of what has been published on a topic by accredited scholars and researchers” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, sakatta’a barruu jechuun dhimmoota mata dureen wal qabatanii hayyootaan barreeffaman yemmuu ta’u, mata duree qorannoon irratti geggeefamu tokkoof dubbisanii itti gargaaramuun akka barbaachisu ibsa.

Itti dabalees, Dastaan (2013: 96) “Qorannoon geggeesinu ragaa beektotaatiin deeggaramee dhiyaachuu qaba.” jedha. Haaluma kanaan, mata duree qorannoo kanaa kan ta’e Xiinxala afseenaafi afwalaloo Ulaa Duulaa maleenyaa seenawaatiin jedhu jalatti argaman kanneen hayyoota adda addaan barreeffaman sakatta’uufi qindeessuurratti xiyyeeffata.

## 2.1. Afoola

Maalummaa Afoolaa beektonni kallatti adda addaatiin hiika kennaniiru. Finnegan (1970) Akka ibsitutti, afoolli duudhaawwan afaaniin dhalootaa gara dhalootatti darban keessaa tokko ta’ee baroota dheeraadhaaf sammuu namaa keessaa kan burqe himamsa afaaniin kan itti tajaajilamaniidha.

Okepewhon (1992) yommuu ibsu *Oral literature may be difened as those utterances, where spoken method or song, whose compostrion and performance exibit to and appreclable degree the characterstic accurate to observation, vivid, imagination indigenious expression* jedha.

Akka yaada kanaatti, afoolli haasaa namoota walaloo afaaniin dubbatamu, yookin sirbamu kana amala muuziqaa of keessaa qabu, kan dinqisiifatamu, kan daawwatamu, ergaa cimaa kan qabu miira uumamaa kan of keessaa qabuudha.

Bukenya, (1994:85) ammoo yoo ibsu, *Oral literature is the heart of people's way of life: it is the very soul of their culture. As the reservioir of people's values. It expresses a given society's view and given them some thing board from which their day to day existence is propelled* jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli haala jireenya hawaasaa kan mureteessuufi kuufama jireenya hawaasaa fuulduratti fuudhee deemuudha. Hawaasni muuxannoo jiruufi jireenya, duudhaa guyyaa guyyaan isa mudate afoola isaatiin kan ibsatu ta'uu isaati.

Misgaanuun (2011: 5) Dundes wabeefachuun akka ibsutti, *afoolli addunyaa kana kan ittiin hubannu haala jiruufi jireenyaa, haala uffannaa hundaafi akkaataa jireenya dhala namaa hunda kan tuquudha* jedha. Akka yaada barreefama kanaatti haala uffannaa jedhee kaa'utti afoolli aadaas kan tuqu ta'uu isaa nama hubachiisa.

Hiika afoolaa ilaalchisee Fedhasaan (2013:33) yoo ibsu, "afoolli *kalaqa sammuu keessatti qindeeffachuun afaaniin himamudha*" jedha. Yaada kana deeggaruun Addunyaan (2014:166) yoo ibsu, "*afoolli ogummaa (wisdom) labata tokko labata biratti darbudha. …kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaksu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumaa ta'uunsaa ifa"* jedha.

Yaada hayyoota kanneen irraa waa'ee afoolaa wanti hubatamu, afoolli kan afaaniin daddarbu ta'ee, kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan hojjetu ittiin waliif dabarsu ta'uu isaati. Kana jechuunis, dhimmoonni dhalli namaa raawwatu hundi afoola isaatiin kan ibsamani ta'uu agarsiisa.

Afoolli gosa adda addaa akka qabu hayyoonni adda addaa barreessanii jiru. Fedhesaa, (2013:33) *afoolli Oromoo baay'ee bal'aafi gosoota adda addaa of keessa qabaachuu isaarran kan ka'e altakkaatti qoratanii waliin ga'uun nama dhiba* jedha. Yaada kana deeggaruun Addunyaa (2014:173) akaakuu afoola Oromoo yoo ibsu, *akaakuun afoola Oromoo lakkaa'amanii hindhuman; bishaan galaanaa* waliin walfakkeessa. Beekan (2015:42) ammoo, akaakuuwwan afoola Oromoo hedduu tarreesseera. Isaanis, *hololoowwan akka dudurii, sheekkoo, hibboo, mammaaksaa, walaloo, geelloo, tapha ijoollee, faaruu loonii, sirba jaalalaa, jeekkarsa, eebba, abaarsa, boo'ichaafi kan kana fakkaatan* tarreesseera.

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu afoolli Oromoo damee bal'aa qabaachuu isaati. Kanaafuu, dameewwan afoola Oromoo Beekan, tarreesse keessaa kan Fedhasaan qoodee kaa'e

keessatti ni argamu waan ta'eef dameewwan kanneen keessaa walaloon afoola dhimma xiyyeefannaa qorannoo kanaati. Fedhasaan (2013: 34) Okepewho (1992: 22) wabeeffachuun akka ibsetti afoola Oromoo bakka gurguddoo sadiitti qooda. Isaanis: s*eenefamoota (oral narrative), af-walaloo (songs and charts)fi qareeyyii (witticism)* jedhamu jedha. Kunis, Seenefamoota afoolaa kanneen jedhaman kan sammuu keessaatti kalaqamanii afaaniin himaman ta'ee gosoota adda addaa kanneen akka oduu durii, baacoo, sheekkoofaadha. Qareeyyiin gosoota afoola Oromoo ta'anii gabaabinaan qindaa'uun warra sammuu qaruuf oolan kanneen akka mammaaksaafi hibboodha. Walaloo afoolaa ammoo, kanneen waan tokko bifa walalootiin qindeessee himu jedha.

### 2.1.1. Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota adda addaa akka qabu hayyoonni barreessanii jiru, Finnegan (1977:2) haaluma kanaan amaloota afoolaa ibsiteetti. Isaanis, hurrubummaa, lufummaa, haala qabatamaafi hirmaachisaadha. Misgaanuun,(2011:24) akka ibsutti, amaloonni afoola hurrubummaa, lufummaa, uummatummaa, yoomessa, sababa, hirmaannaa jamaafi miidhaginaa qaba jedha.

Hurrubummaan amaloota afoolaa keessaa isa tokkodha. Kanas hayyoonni hedduun ibsaniiru. Finnegaan (1992:87) akka ibsitutti, hurrubummaan wanta raawwatu tokko yeroo raawwatu sanatti qabatamaa kan taasisu jetti. Zarihun (1992:22) hurubummaan amaloota og-afaanii keessaa tokko ta'ee, og-afaanitti lubbuu kan horu ta'uu kaasu. Misgaanuun, (2011:29) itti dabaluun yaada kana yoo cimsu, *hirmaannaan namoonni haala tokko keessatti raawwatan hurruubii jedhama* jedha. Kana jechuun, sochiin hawaasni og-afaan keessatti taasisu hurrubbii ta'uu mul'isa. Fakkeenyaaf, yeroo sirbaa waljalaa qabuun, sochiin godhamu, yeroo gaddaafi gammachuu akkaataan gocha sanattii hirmaatan hundi hurrubbiin ta'uu kan argisiisudha. Yaada kana Addunyaan (2014:168) yoo cimsu, *boo'ichi jiraachuufi boo'uun jiraachuu qaba. Namni geeraru tokko ija babaasuu danda'a. Yeroo kanatti gochiifi hirmaattonni jiraachuu qabu*. Kana jechuunis afoolli akkaataa gosa isaatiin hurrubbii (sochii) kan barbaachisu ta'uu mul'isa. Haaluma kanaan sirbi gaa'ela Oromoos hurrubummaa mataasaa qaba.

Lufummaa Misgaanuun (2011:30) *lufummaan haala og-aafaaniin dhalootaa dhalootatti darbuun walqabatu ... lufummaan jechaafi gochaan kan darbu* ta'uu addeessa. Kana jechuun, afoolli erga uumamee abbaan ilmatti ijoolleenis guddatanii akkaasumattiin walharkaa fuudhanii

kan dabarsan jechuudha. Afoolli Oromoos durii eegalee akkataadhuma kanaan daddarbaa kan dhufedha.

Jijjiiramummaa Finnegan (1977:7) jijjiiram yoo ibsitu “There are also Cases when performer introduces varietions inorder pieces or own totally new form interms of the detailed wording, the structure or the content” jetti. Misgaanuun (2011:32) yaada kana yoo cimsu, “og-afaan dubbataman dhalootaa dhalootatti waan lufuuf jijjiirama garaagaraa keessa darbee as ga’e” jedha Yaada armaan oliirraa kan hubannu, namni dhiyeessu duraa duuba jechootaa jijjiiruu yokaan jecha haaraan bakka buusuu caasaa isaafi qabiyyee isaallee jijjiiruu danda’a. Jijjiiramni afoolaa akkasiis kan mul’atu gosoota afoola adda addaa keessatti ta’uu isaa kan mul’isudha.

Hirmaachisummaa Afoolli gochaalee hawaasummaan walqabateen dhiyaatu waan ta’eef raawwiin isaa namoota gochaa sana keessatti argaman hirmaachisuun kan raawwatudha. Yaada kana Misgaanuu (2011:31) yoo ibsu, *raawwii og-afaanii tokko hirmaachuufi dhiisuurratti jamaan yokaan kan dhaggeefatu murteessaadha* jedha. Kana jechuunis, og-afaan tokko yeroo raawwatu namni itti hirmaatu jiraachuun murteessaa ta’uu agarsiisa. Akkaatuma kanaan sirbi gaa’elaa hirmaannaa qooddattootaa kan qabudha. Miidhaginummaa Addunyaa (2014:167) akka ibsutti, afoolli miidhagina qaba. Miidhagina afoolaaf kanneen gumaachan keessaa irra deddeebbii, dhamsagoota, irra deddeebbii jechootaafi caasaa walqoomii, filannoo jechaafi kan kana fakkaatan kaa’eera. Akkaatuma kanaan sirbi gaa’ela Oromoos miidhagina kan qabu ta’uu mul’isa. Kunis, Sirba sirbamu keessatti irra deddeebii jechootaa, jechootaan walqoomuufi yeedaloo qabaachuu irraan kan ka’edha.

## 2.1.2. Faayidaa Afoolaa

Uummanni afoola irraa faayidaalee adda addaa ni argata. Kana ilaalchisee Andizejewski, (1985:38) yoo ibsu, “*Oral literatures performs a wide varities of social functions”* jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli hawaasummaaf faayidaalee hedduu kan qabu ta’uu agarsiisa. Addunyaan (2014:18) afoolli tajaajila hedduu qaba jechuun, yaada kana cimsa. “*Tajaajiloonni kunneenis yeroo ibsu ta’insoota kuusuu, hir’inaafi cimina jiru qeequu, honnachiisuu, faayidaa to’achuu, barsiisuufi milquu ta’ee gochaafi jecha raawwatamaniin bakkaafi yeroo kan barbaadanidha”* jedha. Walumaagalatti, afoolli haalawwan adda addaa keessatti uummataaf faayidaaalee hedduu kan qabu ta’uu yaada hayyoota armaan oliirraa hubachuun nidanda’ama. Afoolli Oromoos uummata isaaf faayidaalee adda addaa buusaa kan tureefi kan jirudha.

### 2.1.3. Gosoota Afoolaa

Afoolli gosa adda addaa akka qabu hayyoonni adda addaa barreessanii jiru. Fedhesaa, (2013:33) *afoolli Oromoo baay'ee bal'aafi gosoota adda addaa of keessa qabaachuu isaarran kan ka'e altakkaatti qoratanii waliin ga'uun nama dhiba* jedha. Yaada kana deeggaruun Addunyaa (2014:173) akaakuu afoola Oromoo yoo ibsu, *akaakuun afoola Oromoo lakkaa'amanii hindhuman; bishaan galaanaa* waliin walfakkeessa. Beekan (2015:42) ammoo, akaakuuwwan afoola Oromoo hedduu tarreesseera. Isaanis, *hololoowwan akka dudurii, sheekkoo, hibboo, mammaaksaa, walaloo, geelloo, tapha ijoollee, faaruu loonii, sirba jaalalaa, jeekkarsa, eebba, abaarsa, boo'ichaafi kan kana fakkaatan* tarreesseera.

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu afoolli Oromoo damee bal'aa qabaachuu isaati. Kanaafuu, dameewwan afoola Oromoo Beekan, tarreesse keessaa kan Fedhasaan qoodee kaa'e keessatti ni argamu waan ta'eef dameewwan kanneen keessaa walaloon afoola dhimma xiyyeefannaa qorannoo kanaati. Fedhasaan (2013: 34) Okepewho (1992: 22) wabeeffachuun akka ibsetti afoola Oromoo bakka gurguddoo sadiitti qooda. Isaanis: *seenefamoota (oral narrative), af-walaloo (songs and charts)fi qareeyyii (witticism)* jedhamu jedha. Kunis, Seenefamoota afoolaa kanneen jedhaman kan sammuu keessaatti kalaqamanii afaaniin himaman ta'ee gosoota adda addaa kanneen akka oduu durii, baacoo, sheekkoofaadha. Qareeyyiin gosoota afoola Oromoo ta'anii gabaabinaan qindaa'uun warra sammuu qaruuf oolan kanneen akka mammaaksaafi hibboodha. Walaloo afoolaa ammoo, kanneen waan tokko bifa walalootiin qindeessee himu jedha.

### 2.1.3.1 Afseenaa

Afseenaan gooroo afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa holoolootiin qindeeffamee kan afaaniin seeneeffamaan dhaloota irraa dhalootaatti darbudha. Afseenaan kunis kan seeneffamu gochaa raawwatame, taatee tahe darbe irratti hundaa'uunidha. Yaaduma kana cimsuun toorri intarneetii Bascom (1965) wabeeffachuun, hiika afseenaaf kenne fudhannee yoo ilaalle akka armaan gadiin ibsa:

> *Legends are prose narratives which, like myths, are regarded as ture by the narrator and his audience, but they are set a period considerd less remot when the worldwasmuch us it is to day. Legends are more often secular than sacred, and their principalcharacters*

> *are human. They tell of migration, wars, and victories, deeds ofpast heros,chiefs, and kings, and succession in ruling dynasties.*

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu, afseenaan bifa hololoon waa'ee namaa kanseenessuuu fi dhageeffattoota biratti akkuma dhugaatti kanfudhataman tahee yeroo dhihoo, addunyaa har'aan walfakkaatu keessatti kan qinda'aaniidha. Innis, yeroo hedduu amantaa waliin kan wal hinqabanne yoo tahan malee, irra guddaa namaan uumamu. Kunis, waa'ee godaansaa, waraanotaafi injifannoowwan, waayee gootummaa gootota durii, waa'ee dureewwaniifi moototaa akkasumas, waa'ee walharkaa fuudhiinsa aangoo dubbatu.

Yaaduma kana cimsuun, Toorri https://www. mpm.edu maalummaa afseenaa yoo kaa'u: afseenonni ogafaan iddoowwan murtaa'an wal qabataniifi baay'inaan kan hammatan gootota aadaa, tolchitoota, ekeraawwan, yookiin taatee kan biraa iddichaan walqabatan akka tahe ibsa. "*Legends, are oral traditions related to particular places and often involve culture heros, witches, ghosts, or some other phenomenon related to that place. They can involve the recent or distant past, but are most important in linking people and the land." jechuun lafa kaa'a.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti, afseenni kun waa'ee namootaafi raawwii isaanii irratti hundaa'uun haa himamu malee, taatee sun soba osoo hin taane dhugaadha. Yaaduma kana, Bascom (1965:9) irratti yoo ibsu, "Legend, tells the purported history of people. Though seldom even approximately accurate, it is belived to be completely true." Ibsa kanarra akka hubatamutti, afseenaan waa'ee seenaa hawaasaa hima jechuun beekama. Darbee darbee dhugaatti hiiqa haa jedhamu malee, gutummaa guutuutti dhugaadha jedhamee amanama.

Taateewwan seeneffaman kun turtiin isaanii dhihoo yookaan kan ture tahuu danda'a. Haa tahu malee, afseenaan yeroo seeneffamu hawaasa san keessa nama jiraachaa ture ta'ee, waan uummata biratti adda tahe yookaan jabduu ta'ee, si'a tokko yookaan lama raawwachuu danda'a. Raawwiin isaa kun addunyaa har'aa keessattis dhugaa kan ta'edha. Yaaduma kana, Sumner (1996), akka armaan gadiin ibsa:

> *myths, legends are stories that are traditionary considered true,however,they are set in amore recent time when the world was much similar to the world of today. Inaddition, legends generally feature humans as their main characters where as myths generally focus on super human characters. (Sumner 1996:2)*

Akka yaada armaan olii irraa hubatamutti, afseenaan seenaa darbe tahee kan akka duudhaa dhugaatti fudhatamu, taateen isaa dhiyoo ta'eedha. Addunyaa raawwiin keessatti ta'es kan addunyaa har'aatiin walfakkaatu akka ta'e dubbata. Akkasumas bakka bu'ee taatee sana kan dalage nama yoo ta'u, raagamtaa keessatti raawwataan kan namaa olii tahuu isaati.

Bascom (1965:16), hayyuu Janet Bacon (1925:37), wabbeeffachuun hiika afseenaaf kenne yoo ibsu: "*Legend is true tradition founded fortuens of real people or on adventures at real places."*Akka yaada kanaatti, afseenni duudhaa dhugaa nama qabatamaan yookaan bakka qabatamaa sanatti jabduwwaan inni keessa darbe sana ibsa jechuudha.

Yaaduma kana cimsuun, Canonicci (1996:85) yoo ibsu,…afantastic narrative of oral origin based on historical characters or events that lend it credibility.It amplifies these historical elements throughthe imaginary intervention of supernatural or preternatural beings, also adding folkloristic motifs," jedha.

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti kan afaaniin himamu seenaa dhugaa irratti hundaa'uun waa'ee qooddattoota seenaa yeroo darbee kan seeneffamu yookiin taatee dhugaadha jedhamee amanamu kan qooddattootaan seeneffamu akka ta'edha. Seeneffama kana keessatti akaakuun seenaa uumama Waaqan dura yookaan booda ta'uu kan danda'uufi, fakkaattiifi kaka'umsa nama keessatti kan bocuu akka tahedha.

#### 2.1.3.1.1. Amaloota Afseenaa

Afseenaan gosoota raagoo kanneen akka raagamtaafi durduriirraa amaloota adda isa taasisan qaba. Afseenaan waa'ee taatee ta'ee darbee kan dhala namaan walqabatu cimina addaa yookaan gootummaa naannoo inni jiraachaa tureen walqabsiisuun haa ibsu malee raagoo irraa wanti adda isa taasisu bacaadha. Yaaduma kana Mulugeetaan (210:46) moojula hinmaxxanfamiin irratti akkas jechuun ibseera:

> *Afseenaa keessatti gooban galeessa ta'ee seenaan isaa kan raagamu uummata keessatti olaantummaa kan qabachaa ture ta'a. Mootii biyyaa, Abbaa Duulaa, yokiin Abbaa Gadaa ta'uu damda'a. Uumamni goobaan galeessichaa kan raagamtaa wajjiin tokko miti. Kana jechuun akka goobaangaleessaa raagamtaa namoota kaanirraa adda ta'ee kan uumame miti. Gama biraatiin akka goobaan galeessa raagamtaa amantaa wajjiinin dirqama walitti hidhiinsa hinqabu. Goobaangaleessi afseenaa kun adeemsa jireenya isaa*

*keessatti bu'aa bayii hedduu keessa darbee sadarka olaanaa irra kan qaqabu ta'uu ta'a. Uummanni goobaangaleessichi kun sardarkaa olaanaa irra ture jedhee kan fudhatu sun jagnummaa inni agarsiise, injifannoon inni galmeesse tooftaafi tarsiimoon itti fayyadame afseenicha keessatti argama.*

Yaada armaan oliirraa akka hubachuun danda'amutti afseenaa keessatti bifa himamsaan kan dhihaatu nama adda ta'ee dhalate osoo taane, nama haawasuma sana keessa jiraachaa tureefi kan amantaa waliin wal hinqabanne tahuu isaati. Akkasumas, adeemsa yeroo keessa darbee tooftaafi tarsiimoo adda addaa fayyadamuun gootummaa, ciminaafi injifannoon inni galmeesse irratti qofaa xiyyeeffachuun kan seeneeffamu yommuu ta'u, gama kanaan raagamtaa irraa adda ta'a jechuudha.

Afseenni baakkeewwan taateen kun raawwatamee waliin hidhata cimaa gama qabuun dhiheeffama. Kunis maqaan lafa taateen itti raawwatame sanaa akka yaadannoof ta'uun ittin moggaasuun seennessuun gama raga namichaa raawwii raawwate sanaan dhiheeffama. Yaaduma kana Dastaa, (2015:143) irratti yoo ibsu, "*While some legends have wondered far afield,in most cases they are more likely to be associated with some local place or person if conditions are suitable. Name of mountain,lake,and village is associated with the person who was famous at time immemorial". Akka ibsa kanaatti* afseenaa gariin raawwataan taatee sanaa bakkee ta'e deemuun yookiin bakka duraan ture irraa sochohuun bakka argame sanatti akkaata haalli itti toluun dalaguu danda'a. Akka yaadachuuf tolutti maqaan gaarrenii, haroofi gandoota maqaa nama jabaa sanaan kan moggaafamu tahuu isaati.

Afseenni seenessuu irratti haa hundaa'u malee amantaafi humna olii wajjin wanti walitti dhufu hinjiru. Kana jechuun namni waa'een isaa seeneffamuu dhugaan addunyaa kana gubbaa jiraachaa yeroo tureetti dalagaa inni hawaasaafi naannoo jiraacha turetti raawwate duraa duuba isaa eeguun kan himamudha. Waa'ee taatee namni raawwatuu qofarratti xiyyeeffachuun isaa kaan irraa adda baasuun agarsiisa. Yaaduma kana Bascom (1965;4) yoo ibsu, "legends are prose narratives which, like myths, are regarded as true by the narrator and his audience, but they are set in aperiod considerd less remot, when the world was much as its today. Legends are more often secular than sacred, and their principal characters are human." Jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, afseenaan akkuma raagamtaa, seenessa hololoon seenessaafi dhaggeeffataa biratti akka dhugaatti fudhatamuufi yeroo dhihoo, addunyaa har’aan walfakkaatu keessatti, kan qinda’aanidha. Afseenni yeroo baayyee amantaa waliin kan wal hinqabanne yoo ta’an irra guddeessa qooddatootni ilma namaati.

Walumaagalatti, amaloota afseenaa gosoota raagoo kanneen biroorraa adda taasisan keessaa afseenaan taatee waan qabatamaa yookiin waan akka dhugaatti hawaasa keessatti fudhatamu kan seeneffamu ta’uu isaati. Akkasumas afseenaan taatee naannoo muraasatti taasifamu malee kan bakka hundatti hin raawwatamne akka ta’e hubachuun ni danda’ama.

### 2.1.3.1.2. Faayidaa Afseenaa

Faayidaan afseenaa hawaasa keessatti taateewwan tahanii darban irraa dhaloonni baratee waan gaarii akka raawwatuuf gahee guddaa taphata. Yaaduma kana ilaalchisee, Mulugeetaan (2010;46) irratti yoo ibsu:

> *Adeemsa jireenya hawaasummaa keessatti gochi goobaangaleessichi raawwate jedhamu ‘gocha gaarii’ yookaan ‘gocha gadhee’ ta’uu danda’a. Gochi raawwatame sun dhaloota ammaatiif akka fakkeenyaatti fudhatamee barumsaafi muuxannoon akka irraa argachuu danda’amu raagama. Waanni raawwate sun hammeenya irratti kan hundaa’e yoo ta’e “gocha hamaa kan raawwate hojii harka isaatii hindhabu’’ jedhe uummanni gocha yaartu irraa akka ofittisu raagama. Kanaaf, afseenni kan irratti xiyyeeffatu koflisiisuu, yookiin bashannansiisuu otoo hin taane barumsi akka argamuuf.*

Yaada armaan olii irraa hubachuun akka danda’amutti afseenni waa’ee nama himamuu sanaa gaarii tahus hamaa beekumsaafi muuxannoon achi irraa argamu dhaloota har’a jiraachaa jiru kanaaf barumsa guddaa akka kennudha. Kunis, namoonni gochoota raawwataniifis gatii kamiif iyyuu akka baasan beekuun hawaasni gochoota yaraa ta’an irraa akka of qusataniif himama jechuudha.

Gama biroon, Tolosaa (2010) faayidaa afseenaan qabu Dastaa (2015) wabeeffachuun, yoo ibsu afseenaa  bakka gurguddaa lamatti qooduun ibsuuf yaalee jira. Isaanis faayidaa afseenaan gama seenaatiin qabuufi gama hawaasummaatiin qabu jechuun bakka lamatti qooda. Faayidaa afseenaa kallattii seenaatiin yoo ibsu, afseenaan himamsa afaanii waa’ee bakka murtaa’aafi yeroo murtaawaa keessatti taasifameeti. Addunyaa qabatamaa keessatti kanraawwatamaniifi bakki itti

raawwatamanis ta’ee yeroon raawwii adda bahee kanbeekamuudha. Akka fakkeenyatti iddoowwan baay’ee Oromoon Tuulamaa keessatti argaman himamsa afaanii akka qabaniifi haalli taatee lafa naannoo sanaa himamsa akka qaban ibsa. Himamsi afaanii kunimmoo seenaafi amantaa naannoo kanaaf faayidaa kanqabuudha.

Afseenaan madda aadaafi amantaa haala qabatamaa naannoo tokkooti. Oromiyaa keessatti ragaa barreeffamaa caalaa ragaa waa’ee hawaasichaa, barsiifata isaa, seera ittiin bulmaataisaa, amantaafi barsiifata isaa, kan argannu ragaa afaaniffaan daddarbaa as ga’erraayi. Dabalataan, hayyuu Campa (1965:4) wabeeffachuun walitti dhufeenya afseenaafi seenaan qaban yoo ibsu;”…alegend begins with an actual happening and in the transmission process is embellished and reinforced to such an extent that it is taken as fact.This is in fact assort of an aid to history.” jedha.

Yaanni kunis kan nu hubachiisu afseenaan hundee yookiin madda seenaa akka ta’edha. Afseenaan waa’ee nama cimaa yookiin naannoo beekamaa tokkoo akka madda seenaatti qorattoota seenaa, qorattoota aadaafi qorattoota fookilooriitiif akka madda ragaa jalqabaatti kangargaarudha.

Faayidaa afseenaan gama hawaasaatiin qabummoo yoo ibsu, afseenaan hawaasa ibsuu keessatti akkasumas, ragaa dhiyeessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta’uu hubachiisa. Namni tokko waa’ee nama biraa ibsuuf yaada isaa ibsachuuf, ilaalcha ofii calaqqisiisuuf afseenaa akka isaan gargaarudha. Akkasumas sochii hawaasaa keessatti garaagarummaa saalaa ittiin calaqqisiisu. Miseensi isaanii yeroo darbe keessa maal akka raawwachaa ture itti ibsu.

Afseenaan gaggeessitoota siyaasaa yookiin mootiiwwan sirnoota darbanii ittiin ceephessuuf nitajaajila.Yaanni garagaraa bulchitoota biyya keenyaa kanneen yeroo darbanii wajjin walqabatee ni seeneffamu. Mootiin hiyyeessa miidhaa ture kan dureessa fayyadaa ture immoo akka ture, garee ofii qofa kanneen fayyadaa turan, garee aangoorra hinjirre immoo kanmiidhaa turan akka turan afseenaan seenessu akka jiruufi cunqursaa kanas ibsuuf hawaasni afseenaa ofiitti akka dhimma bahudha. Dastaan (2015:152) akkaataa armaan gadii kanaan ibsuuf yaaleera:

> *…legends serve the community aslocal providers of background histories. Names of the places such as…have their own legends behind. In the legends there are philosophy of ancient society practiced in the contemporary society. Whenever one wants to have some*

*back grounds information on acertain area, village and community it is natural for him or her to consult legends. Therefore legends are sources of history and information on aparticular area.*

Yaadota armaan olitti ibsamanirraa hubachuun kan danda'amu, afseenaan odeeffannoo hawaasa keessa jiru kan isa seenessuu kandabarsu waa'ee naannoo keessa jiraatu odeeffannoo kan kennu; qaroomina hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu; seenduubee hawaasichaa ibsuu keessatti,gahee dhiiraafi dubartii hawaasa keessatti maal akka fakkaatan kan ibsu; aangootti fayyadamuufi sirna bulchiinsaa keessatti dubartoonni maal akka fakkaatan,gowwummaafi abshaalummaan dubartiifi dhiiraa; yeroo darban keessa maal akka fakkaatan afseenaan hubannoo kennuun hawaasni ammaa irraa barachuun akka fooyya'u kan gorsu ta'uu isaati.

## 2.1.3.1.3. Gosoota Afseenaa

Hayyooni garaa garaa firiiwwan afseenaa gama adda addaan qoodaniiru. Faqqadaa Azzazaa (1991:56) Okpwho (1992:181-182) wabeeffachuun afseenaa bakka gurguddoo lamatti qooduun ibsa. Isaanis afseenaa seenawaa (historicallegend)fi afseenaa raagamtaa (romantic or mythical legend) jechuun qooda. Afseenaa seenawaa, jechuun afseenaa gochaa hawaasni salphaatti yaadachuu danda'u seenessuudha. Xiyyeeffannoon isaa dhugaa jireenya hawaasaa keessa jiru taateewwan jiruufi jireenyaan walqabatan osoo itti hindabalin seenessuudha.Yeroon isaa yeroo ammaa yookiin yeroo dhiyoo kan darbe ta'uu waan danda'uuf dhageeffattoonni mormuu akka hindandeenyetti daandii qabate osoo gadi hindhiisin kanseenessuudha. Afseenaan gosti lammaffaan immoo afseenaa nama seenessuuf bilisummaa guutuu kennudha. Kunis sababa gochi seeneffamus ta'ee namni seenessu namoota turan waan ta'eef dhageeffattoonni ragaa qabatamaa dhiyeessuun akka morman kan hintaasifneedha.

Akaakuu afseenaa armaan olii kana keessatti, afseenni seenawaa raawwii qaroomina seenaan kan walitti hidhatan hima. Afseenaan dhugeeffannoo immoo, raagamtaafi afseena kan walitti fidu ta'ee gama tokkoon qoodataan nama yoo ta'u, gama kaanin immoo humna oliin akka jiruufi aangoon kennamutti kanneen seensanidha. Afseenni amantii immoo, taatotni isaa Qulqulloota, Ergamootaafi Waaqaan fakkeeffamuun kanneen himamanidha. Qorannoon kunis, akaakuu afseenaa keessaa afseenaa seenawaa bu'uureffachuun afseenaa bakka Ulaa Duulaa qorachuu irratti kan gaggeeffamudha.

### 2.1.3.2. Afwalaloo

Afwalaloon walaloo barreeffamaan osoo hin taane afaanumaan dhalootaa dhalootatti darbudha. Misgaanuun (2011: 59) *og-walaloon afaanumaan dhalootarraa dhalootatti daddarbaa kan dhufe qaama og-afaaniiti* jedha. Afwalaloon bar-walaloo (written poetry) irraa wanti adda isa taasisu inni guddaan afwalaloon afaaniin dhalootaa gara dhalootaa kan darbu yemmuu ta'u, abbummaan isaatiis kanhaawaasati. Kana malees, afwalaloon yeroofi iddoodhaan, akkasumas, akkuma dandeettii nama dhihessu sanaatiin garaagarummaa mul'isuu danda'a. Walaloon barreeffamaa garuu ogbarruu barreeffamaa jalatti kan ramadamu yemmuu ta'u, akka afwalaloo garaagarummaa hinmulisu, abbummaan isaatiis kan nama maqaadhaan beekkamu tokkooti; mirga abbeentaa (copy right) qaba jechuudha. Afwalaloon walitti qabamee barreffamuu kandanda'u ta'ullee, ammayyuu hawaasa keessatti afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti daddarbaa waan jiruuf ogafaanummaa isaa irraa kan hafumiti. Kanamalees, afwalaloon guddina walaloo barreeffamaatii bu'uuradha. Afwalaloon gosa ogfaanii ta'ee, bifa walalootiin kan himamuufi salphaatti sammuutti qabatamuun afaaniin dhalootaa dhalaatatti kan darbudha. Fenegan,(1977) "Oral Poetry can can be defined invarius ways-strict definition would include only poetry that is compossed and transmitted with out any aid ofwriting" jechuudhaan afwalaloo ibsite.

Yaada kana irraa wanti hubatamu afwalaloon karaa gara garaatiin kan ibsamu ta'ee hiikni isaa immoo, afwalaloon meeshaa barreessuu kamuu osoo hinfayyadamin miidhagee kan dhiyaatuufi darbu ta'uu isaati. Dabalataanis, afwalaloon akkuma walaloo barreeffamaa jechoota mimmiidhagoo sammuutti qabatamuufi yaadatamu kan kalaqa adda ta'een kan qindaa'u tahuu isaati. Uummatni yeroo durii kaasee waa'ee gootummaas ta'ee, bu'aa bahii jireenyaa afwalaloon ibsataa turuufi umriin ogwalaloo tilmaamatti umrii afaanii waliin walqixa ta'a. Duraan osoo qaroominni hinjiraatiin dura wanti hunduu afaaniin ture. Ogummaa, beekkumsaafi falaasamni dhala namaa hunduu dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa ture afaaniini. Bara barnootni hinjirre keessa ogummaawwan dhala namaa kan dhalootaaf ittiin olkaa'amanis ta'ee, kan ittin dhalootatti darbaa turan afaaniini. Kanaafuu, afwalaloonis, ogummaawwan kanneen keessaa tokko ta'ee, ogummaawwan dhala namaa kanneen kan ittiin daddarbaa ture ta'uu isaati. Kanamalees, afwalaloon meeshaa guddaa miira keessa namaa jiru ittiin ibsatan yommuu ta'u, dhimmoonni akka jaalalaafi jibbaa, mul'ataafi abdii, uumaafi uumamaa, bareedinaafi fokkina, roorroofi

dhiphuu, jiruufi jireenya uummataa keessatti mul’atan kan ittiin ibsatan akka ta’e Finnegan, (1970) ibsiteerti.

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamuu danda’u, afwalaloon jechoota filatamoo ta’aniin kan qindaa’uufi bu’aa ba’iin jiruufi jireenya uummataa kan ittiin ibsamu akka ta’edha. Dabalataanis,hayyuun Okpwho, (1992) kitaaba isaa “African Oral Literature” jedhu keessatti, waa’ee afwalaloo yoo barreessu, walaloofi yeedaloon qindaa’ee dhiyaachuu agarsiisuuf “songs and chants” jedhee kan moggaase fakkaata. Kana malees afwalaloon walaloo hawaasaa ta’ee, kan abbummaa dhuunfaa hinqabne afaaniin darbuudha.

Afwalaloon amaloota hedduu kan qabu yoo ta’u, keessaa tokko abbummaa dhuunfaa kan hinqabne ta’uu isaati. Kana jechuunis abbummaan isaa uummata bal’aadha malee, nama dhuunfaa miti jechuudha. Yaaduma kana kan deeggaru Awoonor, (1975) namni jalqaba afwalaloo kalaqe akka hinbeekamne ibseera.Amala afwalaloo keessaa inni biroon jijjiirramummaadha. Afwalaloon dhimma tokko dabarsuuf kalaqame yeroodhaa gara yerootti, haala qabatama bakkaa, yeroo, hawaasummafi diinagdee hawaasa afwalalichaa irraa kan ka’e jijjiirramni irratti mul’achuu danda’a. Yaaduma kana Orign, (1996) yeroo ibsu,”af-walaloon jecha jechaan sammuutti qabachuun waan cimuuf yeroodha gara yerootti jijjiiramni irratti mul’achuu danda’a,” jedha. Kanaafuu, afwalaloon yeroodhaa gara yerootti jijjiirrama keessa kan jiraatufi yeroo gara garaatti akkaataa fedhiifi haala namoota itti fayyadamanii wajjin deemuu kan danda’uufi fooyya’aas kan deemu ta’uun amala jijjiirramummaa afwalaloo kanmul’isu ta’a jechuudha.

Yaaduma kanarraa akka hubatamutti, afwalaloon amaloota garaa garaa kan ittiin gooroowwan biroo irraa adda isa taasisu kan qabu ta’ee amaloonni kunniinis, afaaniin daddarbuu, abbummaa dhuunfaa dhabuu, jijjiiramummaa agarsiisuufi dandeettii namoota dhiyeessanii irratti hundaa’uun fooyya’aa kandeeman ta’uu isaaniti. Kanaafuu, afwalaloowwan kunniin immoo, hawaasa afaan afwalalichi ittiin dhiyaatanitti dhimma ba’aniif faayidaa hedduu waan qabaniif, faayidaa isaa kanas akka itti aanutti ilaaluun nidanda’ama.

Faayidaa afwalaloo ilaalchisee (Finnegan, 1992) yommuu ibsitu, faayidaan af-walaloo walmakaa kan ta’edha. Innis, kan irratti hundaa’u qabiyyee, amala, ergaa dabarsuu barbaadefi yoomessa af-walalichi keessatti dhiyaate irratti hundaa’uun tajaajiluu akka danda’u ibsiti. Kanaafuu,

faayidaan afwalaloo jiruufi jireenya hawaasaa barsiisuuf, bashannansiisuuf, miira ibsuuf, cimsuuf yaada gaarii hintaane qeequufi waan gaarii ta'e immoo, itti fufsiisuuf kan oolu ta'uu ibsiti. Kana malees, Tamane, (2004:11) faayidaa afwalaloo yommuu ibsu, "Among the Oromo poems are very popular as a mode to express personal feelings, attitudes and moral standard at particular social occupations.*"* jedha.

Yaada kana irraa wanti hubatamu, hawaasa Oromoo biratti afwalaloon baay'ee beekamaa ta'uu isaa, wantoonni miira dhuunfaa ibsan, ilaalchifi sonawwan haala murtaawaa keessatti mul'atan kan ittiin himamu akka ta'edha. Kanaaf immoo, afwalaloon meeshaa hawaasni miira, fedhii, cimina, laafina, gaarummaafi ammeenya akkasumas, jaalalaafi jibba keessa isaa jiru ittiin ibsatudha. Bu'uuruma kana irraa ka'uun yommuu ilaallu, af-walaloowwan Ulaa Duulaa Lammii kuraan walqabatanii dhiyaatanis, faayidaadhuma afwalaloon akka walii galaatti qabu hawaasa Oromootiif kennuu mala jechuudha.

## 2.1.3.2.1. Gosoota Afwalaloo

Afwalaloon gosa adda addaa qaba. Fedhasaan (2013:4) akka ibsutti, af-walaloon afoola Oromoo bakka gurguddoo torbatti qooduun kaa'a. Isaanis: *geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, gungummiifi tabaallii fa'aati* jedha. Misgaanuun (2011:59) ammoo gosoota og-afaan Oromoo keessaa kanneen af-walalummaa qaban *geeraarsa, hibboo, mammaaksa, weedduuwwan jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu daboo, weedduu cidhaa, weedduu ateeteefi kan kana fakkaatan"* jedha. Kunis hayyoonni afwalaloo kanneen bakka adda addaatti qoqqooduun garee garaa garaatti hiraniiru. Akka fakkeenyaatti, Fenegan, (1970) afwalaloon dameewwan gara garaatti akka qoqqoodamuufi dameewwan afwalaloo Afrikaas, afwalaloo amantii, siyaasaa, jaalalaafi afwalaloo du'aa fa'itti qoqqoodamuu akka danda'utti ibsiti. Fedhasaan, (2013:49) akka ibsetti afwalaloo Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu dandaa'a. Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, guungummiifi tabaallidha.

Yaada kanarraa akka hubatamutti, ilaalcha hayyoonni gara garaa qoqqooddi afwalaloo irratti agarsiisan ilaalchisee yaadni nama hunda walii galchuu danda'u hanga ammaatti lafa taa'uu dhabuu isaa hubachiisa.

#### 2.1.3.2.1.1. Weedduu

Gammachuu (2003: 8-9) yoo ibsu, weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqqisiisan keessaa isa tokkodha. Innis, kan safara gabaabaa of keessatti hammatu ta'ee sirba garaa garaa sirbuuf gargaarudha Oring, (1986). Weedduu walaloo gabaabaa ykn tuuta jechoota weeddifamanii ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta'een toora tooraan hiramuu, yeedaloo kan of keessatti qabu Richard, (1992).

Kana malees, idileetti yoo ilaalle weedduun yaada adda addaa ibsuuf qooda hedduuttiifi cabsata sagaleetiin kan dhiyaatu ta'ee jaalala, komee, arrabsoo, mararoofi kkf kan ibsudh. Uummata seenaan isaa barreeffaman carraa hinargatiin tureef kan akka uummata Oromoof bu'aa weedduun buusu akka salphaatti hinilaalamu. Seenaa jechoota adda addaafi safuu keessatti dhimma itti baanu ofkeessatti qabatee dhalootaa dhalootatti dabarsa. Guddina afaaniif hedduu gumaacha (Wasanee, 1984:25).

#### 2.1.3.2.1.2. Afwalaloo Sirbaa

Walaloon sirba aadaa Oromoo afwalaloo haala sirbaatiin dhihaatu adda addaa ofjalatti hammata.Walaloon sirba aadaa haala raawwii (Performance) fi iddoo/haala itti raawwatu (Context) adda addaa kan qabu yommuu ta'u, kunis sirbi hojii, sirba jaalalaafi wkf. Akkaataa itti raawataniin, akkasumas qabiyyee isaaniitiin yookiin iddoo itti dhihaataniin garaagarummaa qabu.

Jechi “sirba” jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a.Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane, walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu sirba osoo hintaane maqaa ittiin beekkamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubii gosa adda addaatu argama. Akka fakkeenyaattis shaggooyyee, dhiichisa, ragada, geelloo, kumkummee,tirriifi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama. Fedhasaa, (2013:53) Yoo ibsu, “sirbi walaloo yeedaloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa immoo, hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha”. Kanaafuu sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosti kunniinis: Sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojiifi kkf dha. Qoqqooddiin kunis, waan inni sirbamuuf irratti bu'uuruun raawwatama. Kunis, dhimma jedhamuuf sanaan walqabachuun waltajjii irratti sirbamuun dhugooma. Kana malees, sirbootni kun yoomessa keessatti sirbamanis niqabu jechuudha.

### 2.1.3.2.1.3. Afwalaloo Geerarsaa

Afwalaloon geerarsaa hawaasa Oromoo biratti baay'ee jaallatamaafi beekkamaadha. Keessattuu dur yeroo abbootiin gootota ittiin kakaasuuf, faarsuuf, cimsuuf, luqna ittiin qeequufi gootummaa hawaasichaa ittiin eeganii tursiisuuf fayyadamaa turanii jiru. Haa ta'u malee, yeroo ammaa keessattuu geerarsi ajjechaa irraanfatamaa jira waan ta'eef akka dhalootatti dabru galmeessuun kunuunsuufi dhaloota itti aanuuf dabarsuun barbaachisaadha. Geerarsi afwalaloo Oromoo keessaa isa tokko yoo ta'u bakki inni itti geeraramu baayyeedha. Isaanis: lafa daboo, iddoo cidhaa yookiin iddoo waamichatti geerraramuu nidanda'a. Geerrarsi sababa adda addaaf geeraramuu nidanda'a. Dhageettii keessoo isaanii, aartii, gaddaafi gammachuu qaban ittiin baafatu. Kana malees, tokko ajjeesee geerara, kaan ammoo yaalee waan milkaa'uu dhabeef aariin geerara. Kanaafuu, geerarsi dhimma adda addaaf geerarama jechuudha. Yaada kana Warquufi Kaawwan (1993:39) yoo ibsan, "geerarsi dhimmoota akka roorroo, gootummaa, dhaadannoofi w.k.f ibsachuuf kan hawaasni Oromoo itti fayyadamudha". Jechuun ibsu.Yaaduma kana irratti dabaluun Asafaan, (2004:84-85); Cherulli, (1922) fi Baxter, (1986); Sumner, (1997) waabeffachuun geerarsa yoo ibsu, "Gerarsa as a genre is usually identified as a collective noun encompassing the Oromo oral poetry of hunting, and war and historical and political events"jedha.

Yaada kana irraa wanti hubatamu geerarsi maqaa waliinii afwalaloowwan dhimmoota akka adamoo, lola, seenaafi siyaasaafaa ta'uu isaati.

### 2.1.3.2.1.4. Afwalaloo Gumgummii

Gumgummiin rakkoowwan karaa adda addaatiin nama mudatan jalaa miliquufi ilaalcha dhimmicha irratti qaban calaqqisiisuuf bifa ogafaanitiin kan darbu ta'ee, altokko tokko garuu, walaloofi yeedaloodhaan kandhiyaatudha. Kana ilaalchisee barruun qormaata waaltina Afaan Oromoo Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin qophaa'e akka ibsutti, "Gumgummiin afwalaloo gadoofi quuqqaa garaa keessaa mul'isudha. Kunis waan humna ofii olta'ee tarkaanfii fudhachuudhaaf hindanda'amne (uumamni itti dabe), sagalee gadi buusanii gumgumu. Yoo qalbeeffatanii dhaggeeffatan garuu, walaloofi waan qabuuf walaloo afoolaa jalatti ramadamuuf sababa ta'a" jechuun ibsa.

Kana irraas wanti hubachuun danda'amu, gumgummiin gooroowwan afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta'ee, afwalaloo gadoo humna ofiitiin olta'e ittiin ibsachuuf itti fayyadaman akka ta'eefi walaloofi yeedaloos qabaachuu kan danda'u ta'uu isaati.

#### 2.1.3.2.1.5. Afwalaloo Faaruu Gootaa

Uummanni Oromoo faaruun akkaataa ittiin haadha, abbaa, lafa, biyya, bifa, fira, hiriyaa, jaalalleefi lammii isaa faarfatu qaba. Faaruun gootaa gosa faaruu aadaa keessaa tokko ta'ee kan goota (gootummaa) jajjabeessuuf gargaaruudha. Kanuma ilaalchisuun Gammachuun (2003:10) akka ibsetti, kaayyoon faaruu gootaa warra lola deemuuf qophaa'an onnachiisuuf yoo ta'u warri hafan immoo akka lugna hintaane barsiisudha. Faaruu gootaa jechuun faaruu namoota diina biyya isaanirraa lolee deebiseef faarsamudha. Akkasumas, nama bineensota dhala namaaf sodaachisaa jedhaman kanneen akka leenca, gafarsaafi qeerransaa ajjeesaniifis faarfamu jechuudha. Akka aadaa Oromootti namni bineensota akkasii ajjeese goota jedhamuun beekama. Dabalataanis namni diina lolee injifate yookiin lolaan cimaa ta'es goota jedhamuun hawaasa biratti niwaamama. Faaruun goota bineensota sodaachisoo ajjeeseefi kan gootota isaan lolaan beekamanii bakka hundatti garaa garummaa qabaata'aniyyuu gootummaafi cimina isaanii ibsuurratti garuu tokkummaa niqabaatu. Yaaduma kana ilaalchisee Finnegan, (1970:207) akka jettutti: "Poetry about both hunting and war seems to involve the same ideas of romance and glory." Yaada kana irraas kan hubatamu lamaanuu gootummaafi cimina kan ibsan ta'ee, garaa garummaan isaanii kan mul'atu garuu, yeroo wanta isaan ajjeesaniifi gocha isaan godhan ibsuun walaleessamu qofa akka ta'es nihubatama.

## 2.2. Ibsa Yaadrimeewwanii

Mata duree kana jalatti ibsa yaadrimeewwan gama mata dureewwan qorannoo kana waliin deemantu dhiyaata.

### 2.2.1. Maleenyaa Seenawaa

Qorannoo akka kanaa gaggeessuuf filatamaadha jedhanii lafa kaa'an keessaa yaadrimee maleenya adda addaa of keessaa qaban keessaa, yaaddidamni kunis akka armaan gadiin ibsameera. Kanaafuu, qorataan kunis qorannoo isaa galmaan gahuuf qorannicha kallattii kan qabsiisuu danda'an yaaddidama Seenawaati.

Malleenyi seenaa, seenaa barreessuu kun dhuma jaarraa 18ffaafi jalqaba 19ffaa keessa guddate. Kunis yeroo seenaa ogummaa akaadamii ta'ee, yaadni seenaa 'saayinsaawaa' jedhu mul'ate ture.

Haalli haaraa kun qorannoo seenaa sochii uumamaa dhala namaa ta'uu isaa, akkasumas barreessitoonni seenaa sochii dhala namaarratti deebi'anii ijaaruufi hubannoo gadi fagoo argachuu akka danda'an yaada jedhurratti kan hundaa'e ture.

Dhuma jaarraa 18ffaa dura seenaan qaroomina kamiyyuu keessatti giddu galeessa kan hinture yoo ta'u, yeroo muraasaaf qaama barnootaa ture. Haa ta'u malee, jireenya dhala namaa akka walii galaatti hiikuuf akka malaatti hinilaalamne. Booda keessa barreessitootni seenaa, seenaa barreessan barbaachisummaa maddoota jalqabaa cimsanii ibsu. Haalli seenaa kun Giriik keessatti kan guddate Dh.K.D jaarraa 5ffaafi 4ffaa keessa ture Giriikonni durii taateewwan hawaasummaafi siyaasaa madaaluun haala bal'aa keessa kan galchan jalqaba turan. Faraansaayiifi Jarman keessatti jaarraa 17ffaafi 18ffaa keessa haalaan kan guddate ture. Kun immoo malaafi gama falaasama caasaatti adda bahee akka ogummaa barnoota tokkootti dhufe. Seenaan madda irratti hundaa'uu akka qabu lafa kaa'an. (Wikipidia…)

Maleenyi seenaa xiinxala seenaa jedhamuunis kan beekamu yommuu tahu, seenaa, saayinsii hawaasaafi saayinsii namaa dabalatee dameelee qo'annoo addaa addaatiin seenaa darbe hubachuufi hiikuuf mala qophaa'edha. Kana jechuun malli kun tooftaaleefi qajeelfama qorattootni seenaa, seenaa durii qorachuufi barreessuuf itti fayyadamanii walitti qabanidha

Yaadrimeen kun mata duree qorannoo kanaaf walitti hidhatiinsa guddaa kan qabudha. Kanaaf qorannoon kun yaadrimee kanatti gargaaramuun gaggeeffameera. Qorannoo kana keessatti yaadrimeen kun irra caala kan filatameef, bu'uurri bu'aa amma mul'achaa jiruu waan darbe waan taheef, qorannoo ammaas tahe kan durii qorachuuf wantoota durii duubatti deebi'uun ilaaluun murteessaadha.

Yaaxxinni seenawaan yaaxxinaalee qorannoo fookiloorii jiran keessaa waa'ee qarooma seenaa, waa'ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokkoo miidhan: diina, waraana, beela, dhiibbaa siyaasaafi dhimmoota seenaa durii keessatti raawwachaa turan kan ibsudha. Haaluma kanaan, waa'ee afseenaafi afwalaloo bakka seenaa Ulaa Duulaa kutaa Lammii Kuraa keessatti himaman ija yaaxxina seenawaan ilaalamuun kan xinxalamanidha.

### 2.2.2. Yaaxina Tajaajilaa

Yaaxxinni tajaajilaa gosoota yaaxxinaalee qorannoo fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee faayidaa afoolli hawaasaaf kennu ilaaluu kan giddu galeeffatuudha. Yaaxxinni kun, aadaa ummataa

keessatti faayidaa inni kennu maal akka ta'e, jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti ga'een inni taphatu malli ittiin qoratamu Afaan Ingiliizitiin 'Functionalism' jedhamee beekkama. Yaaxina tajaajilaa ilaalchisee Filee ( 2021: 55) "Afoolli haala kamiin akka nama onnachiisu, miira ofii ibsachuu, maal akka fayyadu, attamitti akka jajjabeessu, kanneen badii dalagan gorsuufi ceepha'uun gara amala gaariitti akkamitti akka deebisan qorachuuf barbaachisaadha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, afoolli kan sammuu namaa onnachiisuu danda'u, namni miira isaa of keessaa baasee ittiin ibsatu, nama jajjabeessuuf fayyadu, namni ittiin wolgorsee wolqajeelchu, namni jijjiirama amalaa akka agarsiisuufi kkf  akka ooluufi tajaajilu nutti agarsiisa.

Wiliam Bascom (1996: 86) faayidaa akaakuwwan afoolaa maal akka ta'an uummata keessa galee bu'aa qorannoo isaatiin akka ta'e bifa armaan gadiin ibsa.

Akaakuuwwan afoolaa akka siidaa bakka tokko dhaabbaatanii kan hafanii miti; akaakuuwwan afoolaa ni guddatu, ni jijjiiramu, nifooyya'u; akaakuuwwan afoolaa aadaa uummataa wajjin walitti hidhatiinsa waan qabaniif ilaalchaafi falaasama isaa ni'addeessa."  Akka yaada kanarraa hubannutti, yaaxxina faayidaa, qaama hawaasaa garagaraafi hariiroo isaanii walbira qabiinsa qaamaatiin (organic analogy) addeessu irratti xiyyeeffata. Yaaxina tajaajilaa barbaachisummaa ta'eewwan hawaasaa qorata; kunis,tajaajilichi hawaasa murtaa'aa tokko akka guutuu isaanii bakka bu'utti ilaalama. Yaaxxinni tajaajilaa yaaxxina xiinhawaasaa (sociology) kan xiinxalaafi hubannaa hariiroo hawaasaa tokko tokkoof oolu keessa isa guddaadha. Yaaxxinni kun maaliifi akkamitti caasaan hawaasaa tokko hawaasicha keessatti akka hojiirra oolu faayidaa isaanii lafa kaa'uuf tattaafata.

Yaadni kun kan nutti agarsiisu, yaaxinni tajaajilaa hawaasa ala dhaabbatanii waa'ee isaa kan ibsan osoo hintaane, hawaasa keessa seenanii qorannoo gaggeessuun afoolli hawaasichaa maal akka fakkaatu, maaliif akka oolu, maaliif akka tajaajiluufi kkf addaan baasanii akka itti dhimma bahaniif akka oolu kan mul'isudha.

## 2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Sakatta'a qorannoo walfakkatu jechuun qorannoowwan garaagaraa kana dura adeemsifaman kan kallattiinis ta'e, alkallattiin qorannoo kanaa wajjin hariiroo qaban bakka itti sakatta'amanidha. Haaluma kanaan, qorannoowwan muraasni yaada dhimma qoratamu kana hanga tokko

deeggaran waan jiraniif, kanneen walitti dhufeenyiifi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban hanga tokko ilaaluun amanamummaafi bilchina yaadaa ni ibsa.

Tolosaa (2011/19), mata duree "Qaacceessa afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Sooleefi iddoowwan seenaa aanaa Tolee" irratti xiyyeeffateedha. Qorannoon Kun ulaagaa digirii 2ffaa guuttachuuf Kan geggeeffame yoo ta'u, keessattuu afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Sooleefi iddoowwan seenaa aanaa Tolee dagatamaa jiran akka hin dagatamne qorannoon uummatatti mul'isuuf yaadameeti.

Qorataan garuu, afseenaafi afwalalaloo Ulaa Duulaa kutaa magaalaa Lammii Kuraa keessatti bakka seenaa kana ibsuu itti fayyadamuufi ergaan inni qabus maal akka ta'e ibsuudhaan hidhata inni hawaasaafi lafa sana waliin qabus kan qorateedha. Kanaafuu Gaaffilee qorannoo irraa kaasee hanga argannootti garaagarummaa bal'aa waan qabuuf qorataan gadifageenyaan yoo dubbisees wantoonni keessaa fudhataman ni jiran. Akka ka'umsaatti itti gargaameera. Daandiifi adeemsa tokko tokkos itti fayyadameera. Walumaagalatti qorannoon kun afseenaafi afwalaloo Ulaa Duulaadhan walqabataniifi hidhata isaan qaban waan gadifageenyaan xinxaluuf adda isa taasisa.

Lalisaa (2012/19) mata duree "Ergaa afwalaloo Oromoo Finfinneen walqabatanii dhiyaatan" qaaccessuu irratti xiyyeeffateedha. Qorataan qorannoo kanaa immoo, afseenaafi afwalalaloo Ulaa Duulaa kutaa magaalaa Lammii Kuraa xinxaluu irratti yommuu ta'u, walfakkeenya qorannoo LLalisaafi qorannoo kanaa:

- Qorannoo lamaanuu keessatti afawalaloo uummata Oromoo magaalaa Finfinnee keessaa funaanamee ibsamee jira.
- Qorannichi afaan Oromoo kan gaggeeffamedha.
- Qorannichi gama laamaanuu namoota mata duree kanarratti qorachuu barbaadaniif karaa bana.

Garaa garummaa:

- Lalisaan afwalaloo Finfinnee guutuun walqabatan qofaarratti xiyyeeffachuun kan dhiyeesse yommuu ta’u, kan qoratichaa immoo afseenaafi afwalaloo bakka seenaa Ulaa Duulaa kutaa magaalaa Lammii Kuraan walqabatan irrattidha.
- Afwalaloowwan lalisaan funaanee dhiibbaa uummata Oromoo irra gama gaheen giddugala magaalaa Finfinnee akkamiin dhiibamanii akka bahan irratti hundaa’uun qaaccessee kan dhiyeesse yoo ta’u, qorataan qorannoo kana immoo bakka seenaa magaalaa kana keessatti argaman keessaa Ulaa Duulaa irratti xiyyeeffachuun daangaa qorannoo isaas, Lammii Kuraa qofaa irratti gochuun qorateera.
- Qorannoon Lalisaa xiyyeeffannoon isaa qaaccessa afwalaloo yoo tahu, qoratichi immoo afseenaafi afwalaloo bakka seenaa Ulaa Duulaa xiinxaluurratti.

Walumaagalatti, qorannoowwan armaan olitti ibsaman kun kallattiin osoo hintaane, yaadonni muraasni achi jalatti ka’an mata duree qorannoo kanaan walfakkaatu. Kanaaf, afwalaloon walfakkeenyummaa kan qabaatan yoo ta’u, gama matadureefi kaayyoo qorannoo kanaatiin garaagarummaa ni qabu. Haa ta’u maalee, gama wal fakkeenya isaaniin ka’umsaatti itti gargaameera. Xurreefi adeemsa tokko tokkos itti dhimma baheera.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOOFI MALA QORANNICHAA

Boqonnaan kun saxaxa, mala akkamtaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, keessaa mala miti carraa, mala iddaatteessuu miti carraa  keessaa immoo akkayyoofi darban dabarsaan, tooftaa funaansa odeeffannoo, afgaaffii, marii garee, daawwannaafi mala qaaccessa ragaa kan ibsuu ta’a.

## 3.1.Saxaxa Qorannoo

Qorannoon akaakuu garagaraafi bu’uura gara garaa qabaachuu danda’a.Yaada kana, Addunyaan (2011:10) Harris wabeeffachuun akka gadiitti ibsuuf yaale jira. “Qorannoo bakka adda addaatti qooduun dura bu’uura qoodichaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Bu’uuraaleen kunneenis amalaafi gosa odeeffannoo (nature and type of data), yoomessa qorannoofi hujummaa qorannoo fa’a ta’uu danda’u.” jedha.

Bu’aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokkorraa argamurraa guutuudha, Dabalataanis, ammas Addunyaan, (2011:63-64) waa’ee saxaxa qorannoo akka ibseetti”saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaa, akaakuwwaan ragaalee argamutti jechuun ni danda’ama waan ta’eef saxaxni waliigala qorannichaa to’ata,”jedha. Dabalataanis, Kothri, (1990:31) saxaxa qorannoo yeroo ibsu,” Haala odeeffannoon ittin argamuufi qaacceeffamu akkaataa barbaachisuun kaa’uufi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisuuf deemuudha,”jedha.

Qorannoon kun bakka seenaa Ulaa Duulaa waliin walqabatee haala hawaasa kutaa magaalaa Lammii Kuraa keessatti gama afooleessaafi afseenaan maal akka fakkaatu qorachuun ibsuurratti kan xiyyeeffateedha. Kana jechuunis, xiyyeeffannoo guddaan qorannoo kanaa afseenaafi afoolaan walqabatee hawaasicha keessa jiru keessattuu immoo kanneen iddattoon irraa funaaname xinxalameera. Dhimmi akkanaa kana ammo saxaxa qoaranoo akkamtaatti mayii bahuun filatamaadha. Akka yaada oliirraa hubatamutti qorannoo qoqqooduuf wanti irra dhaabbatanii qoqqoodan jiraachuun dirqama ta’a. Haaluma kanaan, gosti qorannoo kanaa qorannoo seenawaa (Historical research) jalatti kan ramadamu yoo ta’u, saxaxni qorannoo kanaa immoo ibsaadha. Qorannoon kun mala akkamtaatti (qulqulleeffataatti) dhimma bahuun odeeffannoo funaaname jechootatti gargaaramuun akkaataa qabxiilee kaayyoo gooree jalatti kaa’amaniin qindeessee kan qaacceeffameedha.

## 3.2. Madda Odeeffannoo

Qorannoo bu’a qabeessa ta’e tokko adeemsiisuuf odeeffannoo madda ragaalee sirrii ta’an fayyadamuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, adeemsa qorannoo kanaa keessatti madda ragaa tokkoffaa ta’anii odeeffannoo kan kennan, hawaasa kutaa Bulchinsa Magaalaa Lammii Kuraa jalatti argamu keessaa isaa caalaatti hubannoo gadi fagoo qaban akka madda tokkoffatti fayyadamuun qorannoo isaa gaggeesseera.

Qoratichis kallattiin qaamaan namoota kana biratti argamuun iddoo namoonni kun jiraatanitti argamuun gaaffii qomaa gaafachuun ragaa fudhatameera. Kunis qoratichi yeroo dheeraaf deddeebi’ee namoota bakka seenaa kana beekan afaaniin gaafachuun odeeffannoo qabatamaa kan qindeeffateedha. Qorannoo kanaaf immoo madda qabatamaa ta’uu kan danda’u madda ragaa tokkoffaadha. Maddi raga tokkoffaa kunis, kallattiin walquunnamuun odeeffannoo walii kennuuf i walirraa fudhachuun gaggeeffameera.Adeemsa kana fayyadamuun ammoo qorannicha hedduu bu’a qabeessa taasisera.

## 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu Qorannichaa

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa keessaa kanneen bakka bu’uu danda’an murteessuudha. Akkaataa yeroofi baajeta irratti hundaa’uun baay’ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun iddattoo bakka bu’u murteessuudha.

Mataduree kanaaf maloota mijatoo kan ta’e mala iddatteessuu miticarraadha. Kanaafuu, mala iddattoo miti carraa ta’ee gosoota inni qabu keessaa akkayyoofi darbaan dabarsaan fayyadame. Iddattoo ilaalchisee Addunyaan (2011:65) “mala iddattoo mataduree qorannichaan waliin walsimu filachuun yeroo, humna ofiifi maallaqa qusachuuf gaariidha” jedha. Iddatteessuu kaayyeffataatti fayyadamuun namoota afwalaloofi afseenaa Ulaa Duulaa himurratti muuxannoo qaban dhiira 10 dhalaa 2 walumatti namoota 12 irraa odeeffannoo funaanameera.

Iddattoo filachuu ilaalchisee Dastaan (2013:132) Jroclim (2006) wabeffachuun akka ibsetti iddattoo filachuun, adeemsa odeeffannoo funaanuudhaaf hawaasa tokko keessaa namoota murtaa’oo filachuun odeeffannoo fudhachuun, itti dhimma bahuudha. Mala iddatteessuu miti-carraa lamaan qorataan fayyadame keessaa tokko mala iddatteessuu akkayyoodha. Sababni iddattoon kun filatameef irraawwatamtoota hundarraa odeeffannoo sassaabachuun waan hindanda’amneef tooftaan kun irraawwatamtoota hunda bakka nibu’a jedhamee waan

amanamefidha.  Iddetteessuu Akkayyoo Ulaan Duulaa hawaasa Oromoo naannoo kanaa biratti kan beekamu yoo ta'eyyuu beekumsa, muuxannoofi fedhiin hawaasni afseenaafi afwalaloo kana himuuf qabu walqixa ta'uu dhiisuu ni mala. Kanaaf, Addunyaan (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddatteessuu ilaaichisee yoo ibsu qorataan tokko beekumsa dhimmichrratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? Jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kun filatama jechuun barreessee jira. Baay'ina waliigala keessa namoota 12 irraa oddeeffannoon funaanameera. Mala Iddatteessuu qorannoo kanaaf tahu kan biraa mala iddatteessuu darbaan dabarsaati. Kunis, dhimma tokkorratti nama beeknu irra ka'uun nama kan biraa dhimmicha gadi fageenyan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababni kun filatames namoota Lammii Kuraa keessa jiraatanii afseenaafi afoola Ulaa Duulaa waliin walqabatanii jiranirratti beekumsa hunda isaanii waanan hinbeekneefidha. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokatee hinhafne gargaara. Baay'ina iddattoo waliigalaa keessaa namoota 4 irraa odeeffannoon funaaname dhiyaatee jira.

## 3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaannaman baay'inaan jiraatanillee, qorannoo akkamtaa keessatti, meeshaalee ragaaleen ittiin guuraman kanneen mijatoo ta'anitti fayyadamuun barbaachisaadha. Downsonfi Kothari akkas jechuun ibsu: “It is largely dissuced inliterature that interview, observation, focus group discussion, ethnographic field notes, document analysis, etc. Are qualitative data collection tools that researchers often use in their research,” jedha. Kanarraas wanti hubannu, qorannoo akkamtaa keessatti meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannoo, kanneen kana fakkaatan fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Haaluma kanaan, qorannoo ammaa keessatti meeshaaleen funaansa ragaaleetiif filataman, afgaaffii, marii gareefi daawwannaadha. Sababa meeshaaleen kun filatamanis odeeffannoowwan qoranichaaf barbaachisan haala gahaa ta'een argachuuf waan mijatoo ta'aniif.  Keessattuu afgaaffiii daawwannaan odeef-kennitoota madda raga tokkoffaa irra argachuudhaaf meeshaaalee funaansa ragaalee murteessoodha marii garees dabalatee.

### 3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaan dhimmoota iddattoon raawwatu hunda yoomessa uumamaa keessatti kan mul'isu waan ta'eef, qoratichi odeeffannoo barbaachisu akka qulqulleeffatu taasisa. Karaa birootiin, daawwannaan adeemsa namoonni dhimma tokkorratti maal akka raawwataa jiran qaamaan biratti argamuun hubatanii odeeffannoo fudhatan waan ta`eef, qorannoo tokkoof murteessaadha. Daawwannaan odeeffannoo battalaa fudhachuuf akkasumas odeeffannoowwan maloota biraatiin fudhachuuf nama rakkisan argachuufillee kan ooludha. Dhimma kana ilaalchisee Sarantakos (2005:234) yommuu ibsu, "Observation provides information when other methods not effective, relatively less complicated, and less time consuming and offers collection of wide range of information," jedha. Daawwannaan ragaa bu'uraa qorannichaa cimsuu danda'an funaannachuuf, mala qaamaan argamuun yoomessa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaanataniidha.

Haaluma walfakkaatuun, yaada kana Dastaan, (2002:90) irratti yoo ibsu, "Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabbatu kan taasisuudha." jedha.

Haaluma kanaan, qorannoo ammaa keessatti qoratichis cheekiliistii daawwannaa qopheeffachuun meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan biratti argamuun Ulaa Duulaa waan walqabatu irratti ragaa funaannatee jira. Bakka dhaabbii dhagaafi Ulaa Duulaa sanatti qaamaan argamuun afseenaafi afwalaloo isaanii osoo hintaanee bakkeewwan sana daawwachuun bakka kanatti maaltu akka argamu, fakkaattiin bakkichaa maal akka fakkaatuufi naannoo argama isaa adda baafachuuf bakka sanatti argamuun suuraa waa'ee warra afwalaloofi afseenaan isaanii dubbatamuu kaasuun ragaa walitti qabatee jira.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Meeshaalee funaansa ragaalee keessaa, af-gaaffiin isa tokkoo yommuu ta'u, innis, mala qorataan tokko iddattoo isaatiin walargee odeeffannoo afaaniin gaafachuun fudhatuudha. Kunis, ta'uu kan danda'u qoratichi dursee gaaffii qopheeffachuudhaan gara odeef-keenitootaatti deemuun gaaficha dhiyeessaaf Barbaachisummaan mala kanaas, ragaa karaa adda addaan argaman dhugoomsuuf kan taasifamuudha.

Haaluma kanaan qoratichi, odeeffannoowwan bakka seenichaa mata duree qorannichaatiin walsimatu, gaaffiilee caaseffaman qopheessuun bakka qorannoon kun itti geggeeffamutti mala iyyaaffanootti gargaa ramuun namoota kutaa magaalaa keessaa kanneen dhimma qorannoo kun irratti adeeemsifamurratti hubannoofi muuxannoo qaban gaafachuun mala kanatti dhimma baheera.

Afgaaffiin dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeef-kennitoot dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafachuudha. Dhimma kana ilaalchisee Pickering (2008:79) yommuu ibsu, "Interviews are key methods associated with qualitative research. Interviews involves an interviewer and an interview engaging in face to face conversation, with an interview guiding the conservation by posing questions related to particular topics in order to gain a better undersating," jedha. Meeshaan kun qaama qorannoo akkamtaa ta'uu isaanii gaaffii dhimma qorannoo saganteeffameef qophaa'e ka'umsa taasifachuun gaafataafi qaama gaafatamu gidduutti fuulaa fuulatti kan raawwatamu ta'uu eera.

Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii afaaniin iddattoowwan filatamaniif gaafannoo dhiyeessuudha. Malli funaansa ragaa kun odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaan qophaa'an gaafachuudha. Hayyoonni adda addaa faayidaa mala kanaa kallattii garagaraatiin balballoomsu. Punch (1998:29) barbaachisummaa meeshaa kanaa yoo ibsu, *"Interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people's perceptions… of situations and construction of reality. It is also one of the most power ways we have of understanding other*s," jedha. Yaada kanarraas wanti hubannu afgaaffiin qorannoo keessatti meeshaa barbaachisaa ta'uu isaati. Bifuma wal fakkaatuun, faayidaa afgaaffii Addunyaan (2011:64) yoo ibsu, "Malli kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif ragaan mala kanan argamu aslii ta'a,'' jedha.

Haaluma kanaan qorataan iddattoota filataman keessaa mala akkayyootin kan kaayyeefatee filate qaaman arguudhaan afgaaffiidhaan dubbiseera. Itti aansuudhaan iddattoota mala darbaafi dabarsaatin argatee gaafatee odeeffannoo sirrii irraa fudhateera. Iddattoonni kunneen kan odeeffannoo waa'ee bakka seenaatiin walqabatan irratti odeeffannoo dhugaafi bilchaata ta'e kennaniidha.

### 3.4.3. Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoo tokko qofaan argachuun rakkisaa dha. Waan kana ta'eef, af-gaaffii gareedhaaf mijataa ta'eefi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisaadha.Yaaduma kana fakkaatu David E. (2004:230) yoo ibsu, "*Focus grous can be alow cost way of collecting data;but require a considerable amount of coopration and enthusiasm from participants."*Akka yaada warabbii kanaatti afgaaffiin garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara, Tahus tokkummaafi fedhii cimaa odeef-kennitoota kanneen irraa barbaachisa.

Qorannoo kana keessatti mariin garee kan barbaachiseef, yemmuu gaaffiin afgaaffii adeemsifamu adda addummaan yoo mul'ate adda addummaa yaadaa mul'ate gara tokkootti fiduufi dhugummaa yaada dhuunfaan ka'e mirkaneeffachuuf kan ooludha.

## 3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Malli qaaccessa ragaalee iddoo odooffannoowwan meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatiin odeeffanno kennitoota irraa funaaname walitti qabamee itti qaacceffamuudha. Yaaduma kana Dastaan, (2013:141) yoo ibsu, "odeeffannoo ibsuun yaada odeef-kennitootarraa gaafannaadhaan, daawwannaan, marii gareen argame haala qabatama rakkina mul'ateetiin walitti fidanii dhiheessudha."Jedha.

Qorannichi mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadame yommuu ta'u, Kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibsuu dha. Yaada kana David E.G (2004:346) yoo ibsu, "*The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and the accounts that people give for these actions."* jedha.

Yaada hayyuu kanaa irraa akkuma hubatamu, xiyyeeffannoo guddaan mala akkamtaa akkaataa uummanni waan tokko gochaan agarsiisu hubchuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta'e agarsiisa. Qorannicha keesstti odeeffannoon af-gaaffii, marii gareefi daawwannan argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaacceffamu. Akkasumas Addunyaan (2011:62-63) yoo ibsu, "qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota isaa yoomessa uumamaa keessatti akkuma argamanitti kan ibsudha." jedha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon barbaachisan madda garaagaraa irraa kan

funaanaman yoo ta'u, Odeeffannoowwan funaanamanis jechaan kan ibsamanidha. Kanaafuu, mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadameera. Sababni qorataan qorannichaa qorannoo akkamtaa filateefis dhimma qorannoo isaa kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaa ta'eefi qabatamaa ta'e funaannaachuuf malli kun qorannoo isaatiif mijataa ta'uu irraa ka'eeti. Ragaan, karaa maloota funaansa ragaa kanneen akka daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaan namoota waa'ee bakka Ulaa Duulaarratti gama afoolaafi afseenaan odeeffannoo gahaa qabanirraa ragaa funaanaman haala armaan gadiitiin qaacceffameera. Ragaawwan mata durichaan walqabatan haala qulqullina qabuun erga calalamee booda mirkanaa'eera. Ragaawwan kaayyoo qorannichaatiin walhin qabanneefi hir'uu ta'an battalumaatti keessaa adda bahanii jiru. Ragaawwan sassaabamanis akkaataa walfakkeenyaa isaaniifi garaagarummaa isaaniitiin mataduree adda addaa jalatti qoodamaniiru. Ragaawwan argaman bifa barreeffamaatiin qindaa'anii ibsamaniiru.

## 3.6. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shan akka qabuufi tokko tokkoon boqonnaalee jalatti mata dureewwan hammataman duraa duubaan ni kaa'amu. Akka qorannoo kanaatti, boqonnaan tokko seen duubee, ka'umsa qorannoo, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi odeeffannoo bakka qorannichaa kallattii adda addaan kan hammatu yoo ta'u, boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruulee, yaaxinaalee qorannoon kanaan hidhata qabaniifi barruulee walfakkii sakatta'aman ni qabata. Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan qabatu yoo tahu, malli qorannoo mata dureewwaan adda addaa kanneen akka gosa qorannoo, madda ragaalee, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, malleen funaansa ragaalee meeshaalee funaansa ragaalee, tooftaa qaaccessa ragaaleefi qindoomina qorannoo duraa duubaan ni hammata. Boqonnaa arfaffaan qaaccessa ragaalee niqabaata. Ragaaleen af-gaaffiifi marii gareen argaman, suuraa kaafamaniifi yaadannoo qabachuun funaanamuun odeeffannoowwan walfakkaatan bakka tokkotti fiduun bifa waldeeggaruu danda'uun mala akkaamtaan niqindaa'u.

Boqonnaa shanaffaan cuunfaafi yaboo niqabata. Gama biroonis, boqannaalee shananiin alatti, axereeraa galata, wabiileefi dabaleewwan qaama qorannoo kanaa tahuu danda'an nihammatamu.

## 3.7. Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration)

Qorataan tokko yommuu qorannoo gaggeessu milkaa'ina qorannoo isaatiif jecha naamusa ogummaa eegee argamuu qaba. Naamusi ogummaa kunis kan of keessatti haammatu haala

uffannaa naannoo (aadaa hawaasaa) sanaa, iccitii iddoo hojiifi iccitii odeef-kennitootaa eeguun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorataan kun naamusa ogummaa sanaa eegee erga dhiyaatee booda jalqaba odefkennitoota bira deemee odeeffannoo waljijjiiruun kaayyoo qorannoo isaa ibseefii jira. Sababni qorataan tooftaa kanatti fayyadameef haawaasni dhimma bakka seenaa kanaan walqoodinsi waan jiruuf odeeffannoo kennuuf  baay'ee kan nama odeeffannooo kennuufi ija shakkiin kan ilaalu waan ta'eef sodaa tokko malee odeeffannoo isaanirraa eegamu akka gumaachaniif yaadeeti. Kunis faayidaan isaa odeef-kennitoonni odeeffannoo kennuurraatti akka of hinqabneefi odeeffannoo kennan immoo, dhugaa jirurraa akka hinmaqsineef gargaara. Dirreen qorannoo kanaa kan geggeeffame kutaa magaalaa Lammii Kuraa keessatti yommuu tahu jalqaba mataduree kanarratti erga naaf hayyamamee booda odeef-kennitootaaf of ibsuudhaan xalayaa seeraa Yuunibarsiitii Finfinneerraa naaf bareeffame ergan isaaniif dubbiseen booda odeeffannoo irraa sassaabbadheen jira. Ragaan kan walitti qabamees, bifa yaadannoo qabachuun ture. Dhimmi bakka seenaa kanaa gosti miidheefi seenaan kun maqaa isaanii waliin akka kahu hinfeene ijoolleen warra abbaa lafaa duraanii waan jiraaniif hedduu ulfaataa waan ta'eef sagaleefi viidiyoo waraabuuf odeef-kennitoonni hayyamamoo hinturre.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqqonnaan kun ragaalee marii garee daawwannaa, keessatti hirmaachuufi afgaaffiin walitti qabame xinxaaluu yaala. Xinxaalli taasifames gaaffiilee qorannichaa kan boqonnaa tokko jalatti dhiyaate deebisuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, xinxalli taasiifamu qabiyyee bu’uura sadii irratti hundaa’a. Jalqaba kutaa magaalaa Lammii Kuraa keessatti bakka seenaa Ulaa Duulaan ilaalchisee afseenaa himaaman nixiinxala. Itti aansee afseenaan Ulaa Duulaa hidhata Oromoofi lafa isaa waliin qabu nixiinxala. Dabalataan immoo, afwalaloon Ulaa Duulaan walqabatanii dhiyaatan ergaa qaban dabarsatan kan akkamii akka ta’e nixiinxala.

Dhumarratti ergaan waliigalaa kan qorataan odeeffannoo hawaasa kutaa magaalaa Lammii Kuraarraa mala adda addaafi meeshaalee garaagaraatin funaanee xiinxaluun muuxannoo ofii itti dabalaee gabbisetu dhihaata.

## 4.1. Afseenaa bakka Ulaa Duulaa

Ulaan Duulaa iddoo seena qabeessa yoomillee dagatamuu hin dandeenyedha. Waa’ee iddoo seenaa kanaa ilaalchisee qorannaan hanga yoonaatti taasifamee hin jiru. Haa tahu malee, seenaan waa’ee iddoo seenaa qabeessa kana ibsu afseenaa hawaasa naannoo sana jiraataniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe ni jira.

Akka Odeef-kennitootni Obbo Nigaatuu Nagaraafi Darajjee Adaanaa (28/8/2015) akka ibsanitti, Ulaan Duulaa bakka dawoo lolaaf tahuun alatti kallattii seensaafi bahiinsaa tahee tajaajilaa ture innis naannoo kanatti aanee kan argamu bosona Duddubisaa jedhamu yommuu tahu, moggasni bosona kanaas yeroo keessa qaxxamuran goha waan uumuuf maqaa kun kennameef. Achitti fufuun bakka dawoo Habeebee Tufaa keessatti dhokachaa ture kan jiru yemmuu tahu innis, sirna nafxanyaa baqachuun bakka kanatti dawoo godhatee itti fayyadamaa ture. Bakka kanatti akka warri ‘nafxanyaa’ akka hin argineef, hawaasni naannoo kanaa meetira dhibba afuriif digdama kan tahu tarkanfii aadaan qotuufiin akka inni holqa isa tokkoo gara isa tokkoo keessa deemuun dhaqu gochuun tajaajila kennaa tureera. Holqi kun keessi isaa bakka ciisichaa, nyaataa, teessoofi boboca adda addaa kanqabuudha. Booda keessa Habeebee Tufaa nafxanyaan yemmuu isa qabuuf jettu akka farda isaan gulufee jalaa milquun Arsii seene odeefkennitooni ni dubbatu.

Bakki kun yeroo ammaa Osolee jedhamuun kan waamamtu yemmuu taatu, Ulaa Duulaa jalatti argamti lamaan isaanii hidhata waliin qabu. Holqi naannoo kanatti argamu kun lafa jalaan kan

walqunnamaa ture yemmuu tahu yeroo ammaa kana Mana Amantaa lafa jalaa gochuun bakki seenaa kun akka maqaa kanaan hinwaamamne sababaa haa tahu malee, Ulaan Duulaa kun kana waliin dhimma diddaafi dawoof tajaajila guddaa kan kennaa ture tahuu adeefkennitootni ni dubbatu.

Akka yaada afseenaa armaan oliitti, bakki seenaa Ulaa Duulaa bakka Oromoon naannichaa qabiyyee yookaan weerara Nafxanyootaafi abbootii lafaa Habashootaa mormachuuf duula itti bahaa turan yemmuu tahu, akka karra bahiinsaatti yookaan 'ulaa' tti illee tajaajilaa kan turedha. Sanirraa ka'uunis, maqaa bakkichaa "Ulaa Duulaa" akka jedhameedha. Holqi naannoo kanatti argamu kun Habeebee Tufaatiif akka bakka dawoofi daandii ce'umsaatti fayyaduu isaati. Innis, jaalala hawaasaa garmalee guddaa tahe qabachuu irraa kan ka'e daandiin dawoof tahu meetira dhibba afuriif digdama qotamuu isaati. Gama biraatiin, bakki kun akka manaatti tajaajila kennuufi manneen amantaan dhiibba akka qabudha. Akkuma "Ijji baddu iddoon ijaa hinbaddu," jedhan sana, Oromoon inni tokko isaa tokkoof gaachanna tahuusaarraa kan ka'e Habeebee Tufaan qe'ee Tuulamaa irraa dhiibamu illee Oromoo akka isaa Arsiitti akka baqatu taasiseera.

### 4.1.1. Moggaasa Bakka Ulaa Duulaa

Akka odeefkennitootni yeroo marii garee (19/1/2016) ibsanitti, moggaasni Ulaa Duulaan walqabatu sirna abbootii lafaa yeroo turanitti namoota isaaniin morman ittiin jilbeenfachiisuuf jecha yaa'i namootaa akka bahaniif waaman. Bakki itti waaman kun daandii dhiphoo bosona keessa baatuufi holqa lafa jalaa qabudha. Kanumaan hawaasni naannoo kanaa bakka hulaa kanatti duula akka bahu taasifame. Sababni immoo namoota shiftaa tahanii daandii sana gubbaatti namoota abbootii lafaa bitamaniifi gibira kennaan saaman sana waan saamaniif bakka kanatti bahuun abbaan lafaa Abbooyyee Gasoo jedhamu erga abaarsa abaarsiiseen booda dhagaa guddaa fuudhuun naannoo sana marsuun akka dhaabbatu godhame. Dhagaan sun dhagaa Abbooyyee Gasoo yoo jedhamu, bakki kun immoo Ulaa Duulaa jedhamuu akka itti moggafame odeefkennitootni ni eeru.

Akka yaada armaan oliitti, haala moggaasa maqaafi moggaasni maqaa seenaa ibsuu keessatti ga'ee guddaa akka qabudha. Kana malees, dhagaan bakka seenaa kanaa dhaabbate abbaa lafaa Abboyyee Gasoon tahuufi dhiibbaa uummata naannoo humnaan bulchuuf godhamuufi kaffaltii kaffalamu diduuf, shiftaan ta'anii diddaa akka godhan taasisuu.

Dabalataanis, Oromoon naannoo kanaa kun humnaanis ta'ee malaan sirna gita bittaa abbaa lafaa kana yomiyyuu akka hinfudhanneef jala deemtoota isaaf gibira sassaabuun irree diinaa ta'anis ulaa kanatti danquun akka giddirsaa ture irraa hubanna. Boodas gaafa diinni mala lola yookaan tooftaa isaa kana baru, jala dhaabbatee bakka hintaaneef akka hintaanetti aarsaa kaffalee kan ture osoo hintaane, yeroo dubbiin cimu gosatti dhaquun irree jabeeffatee akka lafaafi seenaa isaa tiksaa ture dubbii maanguddootaa kanarraa hubanna. Seenaan ulaa kanaas qabsoo diddaa garbummaa abbaa lafaa Finfinnee keessatti laayyoo miti jechuudha.

## 4.2. Hidhata Afseenaan Ulaa Duulaa Oromoofi Lafa Isaa Waliin Qabu

Seenaa dhagaa Ulaa Duulaan wal qabatee wantoonni naannoo sanatti argaman kanneen lafaafi Oromoo waliin hidhata qabatan baay'eetu jiru. Isaanis sababa seenaa dhagaa bakka seenaa kanaan dhimmoonni akka seenaatti himamanii dhalootaa dhalootatti darbuun as gahan nijiru. Seenaawwan kanneen akkaatuma odeeffannoo odhimtootarraa argamaniin kophaa kophaatti baasuun afseenaa isaanii barreeffamaan xinxalameera.

### 4.2.1 Nugusa Warra Erer

Akka odeefkennitootni marii garee 19/1/2016 jedhanitti, gaarri Erer jedhamu kanargamu bakka yeroo ammaa kana daangaa bulchiinsa Magaalaa Shaggar keessatti argamudha. Kallattiin argama isaas Baha bulchiinsa magaalaa Fifinneetti kan argamudha. Oromoo durii jalqabanii achi jiraachaa turaniif gaarri kun ulfina guddaa qaba. Kanarraa ka'uun Oromoo naannoo sanaa biratti gaara oodaafi dhugeeffannaa jedhamuun beekama. Sababni isaas gaara kana jala warra oodaatu jira ture. Sammuu gaara kana gubbaa lafa hoodaa muummeewwan sagaltu jira. Muummeewwan salgan kun maqaa adda addaa qabu. Oromoon naannoo sanaa kabaja gaara kanaaf qabu karaa adda addaan ibsachaa ture. Fakkeenyaaf, gaara sana jala abdaarii beekkamaa tokkotu jira ture. Abdaarii kana jalatti waggaa waggaan korma qalanii Waaqa uumaa isaanii tokkummaan kadhachaa turan. Yeroo sanatti Waaqa isaanii kadhatanii waan barbaadan hin dhaban. Nageenya, jaalala, kabajaafi kanneen biro lafa naannoo sanarraa argachaa turan. Yoo bokkaan roobuu dide maanguddoonni achitti wal gahanii Waaqa Uumaa isaanii kadhatu; kadhataniis hin dhaban. Ni roobaaf. Gama biroon Waaqnii roobee yoo caamuu dide Waaqa uumaa isaanii kadhatanii akka caamu taasisu.

Kana malees, gaarri Erer Oromoota naannoo sana jiraachaa turaniif waan hundaan guutuudha. Abbootiin gadaa achitti wal gahanii seera ittiin bulmaataa tumachuun wal bulchaa tura. Seera

tumame sana namni cabsee argame achumatti murtii fudhata. Murtii kan kennu abbootii gadaa yeroo sanaa rure. Haala kanaan, Oromoon naannoo sanaa gaara sanarraa faayidaa argachaa ture. Sababa kanaan, tulluun Erer tulluu ulfinaafi kabaja qabu tahuun seenaa tahee seenaan isaa himamsa afaaniin daddarbaa har'a gahee jira.

Kanuma irraa kahuun, hawaasni naannoo Sanaa kabajaafi ulfina gaara kanaaf qabu karaa adda addaatiin ibsachaa ture. Fakkeenyaaf, kabaja gaara kanaa ibsuuf weedduu akkkas jedhu weeddisaa turan

*Gaarri Eroo torbaa muuxxichaan sagalii*
*sagal bulii koottu sagalee koo barii.*

Weedduun kun ulfinaafi kabaja bakka ulfoo bakka sagal jedhamu kanneen gaara erer irratti argaman ibsuuf kan weeddifame dha. Warri naannoo gaara Erer jiraatan kun gosa Galaan keessaa kanneen Gaaleyyii jedhamanidha. Gosti kun warra ayyaantuu of keessaa qaba. Sababa kanaan 'nugusa warra Erar' jedhamanii beekamu. Nugusni warra Erer kun bara dheeraaf naannoo sana qubatanii jiruufi jireenya isaanii geggeessaa turan. Tokkummaa isaanii cimsachuun abbootii lafaa jabana Hayila sillaasee yeroo sanii sodaachisaa turan. Abbootiin lafaas, gosa nugusa jedhaman kana waan sodaataniif shira xaxanii lafa isaanirraa buqqisuuf olola asiifin achi oofuu jalqaban. Ololli kunis, mootii Mootii Hayila Sillaasee bira dhaqanii isin osoo mootii taatanii jirtanii mootiin biroo naannoo gaara Erer kan mootii warra Erer jedhamu jiraachuun maaliifi jedhanii mootii Hayila sillaaseetti himan. Hayila sillaaseenis shira isaanii kana soba tahuu osoo adda hin baafatiin gosti Oromoo kun qabanii gara isaa akka dhufan ajaje. Haa tahu malee, gosti Oromoo naannoo sanaa Hayla sillaasee jalaa baqatanii Erer irraa gara dhagaa ulaa duulaatti baqatanii turan. Iddoo sana dawoo godhatanii abbootii lafaa shiraan isaan ariisisa haaloo bahuuf tokkummaan shiftaa ta'anii qabeenya isaanii saamaa turan. Loon isaanis achitti jalaa qalatanii nyaachaa turan. Qabeenya isaanii kanneen biros saamanii diina isaanii abbootoo lafaa garaa gubaa turan. Kana malees, daldaaltota Arsiifi Harargeerraa dhufanii magaalaa Finfinnee seenan karaa Ulaa Duulaatti eeguun saamanii duubatti deebisaa turan. Abbootiin lafaas tahee Hayila Sillaaseen bu'aa daldala kanarraa argatan ni dhaban. Galiin qaraxarraa argamus hir'achaa dhufe. Kun immoo dinagdeen biyyaa akka gadi bu'uuf sababa ta'aa ture.

Gama birootiin Ayyaantuun warra mootii Erer yeroo sanaa qabamee mootii Hayila Sillaaseetti fulduratti dhiyaatee ture. Hayila sillaaseenis maalif mootii akka ofii moggaasan akkas jedhee

ayyaantuu sana gaafatee ture “mootiin biyya tokkoo lama hin jiru, biyyi kun osoo mootii qabduu akkamiin isin mootii ofiin jettu?” jedheen. Ayyantuun sunis “warruma dhufee isinitti himetu soba dubbate malee nuti akkas ofiin hin jenne nuti mootii ofiin jenne osoo hin taane ayyaantuudha; ayyaantuun immoo safuufi ulfina qaba; waan fulduratti dhufuu danda’us raaguu dandeenya” jedhanii deebisaniif. Yeruma kana Hayila sillaaseen “waan fulduratti tahu maalfaa raaguu dandeessu mee” jedhee gaafatee jennaan ayyaantuun sun ammas deebisee akkas jedheen “warri xaaliyaanii jedhaman biyya keenya Itoophiyaa kana dhufuuf jirti. Warri kun biyya kanaaf hin toltu ni diigdi malee’ isin immoo jabaadhaa harka hinkenninaa, jedheen jedhama. Hayila sillaaseenis ayyaantuu biyyaa ari’uun hin barbaachisu jedhee gara naannoo yeroo ammaa kana laga Qabbannaa jedhamutti akka manni ijaarramuuf taasisee achitti hanbise. Ayyaantuun sunis achitti galma ijaarratee safuufi ulfin isaa eeguun hanga lubbuun jirutti jiraachaa ture. Garuu, gara qe’ee isaaa naannoo Erer jirutti akka hin deebine hin hayyamneef. Ayyaantuun kun osoo qabamanii Hayila Sillaaseetti hin dhiyaatiin dura gara naannoo dhagaa ulaa Duulaatti baqatanii turan. Achittis namoota lama Hayila Sillaasee bira hojjatan Abbabaa Haragaayiifi Raas Kaasaa jedhaman ayyaantuu sana waan beekaniif kabaja isaaf qaban itti mul’isanii ture. Yeroo sanattis Ayyaantuun sun Xaaliyaaniin dhufaa akka jirtuufi biyya kana weeraruu akka dandeessu raagee itti himuun akka isaan harka hin kennineefi shiftaa ta’anii akka ofirraa deebisan dhaamsa dabarseefii ture.

Yaada maanguddootaa kanarraa akka hubatamuutti, Gaarri Erer hanga ammaatti iddoo ulfoo Oromoota Tuulamaa hundaati. Oromoon Tuulamaa sababa didda gabrummaa, sirna abbaa lafaa diduun gara kutaalee Oromiyaagaraa garaa godaane turees eebba ayyaantummaa Gaara Erer kana fudhachuuf gama dhihaa, kaabaafi kibbaa giddugaleessa Tuulama dabalatee dhufee ayyaantummaa isaa beeksifata eebbifatee mirkaneeffatee gala. Akka durii yoo tahuu baates gibirri ayyaantuu warra Erer hanga ammayyuu ni galaaf. Dhoksaa guddaan akka mootiin Erer yookaan ayyaantuun kun bakka kanaa akka diigamuuf gochi godhame mootiin biyya kana bulchuu achii baha jedhamee kallattiin waan raagaameef hanga har’aa illee nieegama. Dabalataan, mootiin yeroo sanii uummata kana keessaa mootiin ba’ee teessoo jalaa fudhachuurra diiguufi bakkee ulfoo kana mancaasuu filatee ture kun immoo dhiibbaa guddoo bakka kanatti fiduu isaa hubanna.

### 4.2.2. Faayidaa Nugusni Erer Uummata Naannoo Sanaatiif Buuse

Hawaasni naannoo ayyaantuu kanaa jiraatu sirnaafi duudhaa ganamaa isaa eegee akka deemuufi sirnoota biyyaaf hintolle kamiyyuu akka hinfudhanne godhaaniiru. Kaanarraan ala sirni nafxanyaa akkuma jiruun dhiibbaa bakkeewwan ulfoofi bakka seenaa kana jijjiiruuf taasisan fuuldura dhaabbachuun hanga gosa hundaaf hubannoo kennaa turan. Uummanni naannoo sanaa nugusa warra Erer jalatti gurmaa'uun tokkummaasaa cimsatee bulchiinsa Hayila Sillaasee mormaa turan. Kanaanis abbootii lafaa yeroo sanii naannoo Arraabsaa qubatanii hawaasa Oromoo naannoo sana jiran rakkisaa turan dura dhaabachuun lola irratti kaasaa turan. Yeroo sanatti naannoo Ulaa Duulaa jedhamu sanatti tokko ta'anii qabeenyaa abbaa lafaa saamaa turan. Loon isaanii saamuun iddoo kanatti qalatani nyaachaa turan. Abbootiin lafaas hawaasa naannoo kanaatiin lolaa turanis mo'achuu hin dandeenye. Hinumaayyuu lubbuu isaanitiif sodaataa turan. Kanarraa ka'uun, abbootiin lafaa namoota Ulaa Duulaatti isaan rakkisaa turan sana araarfachuuf yaalii godhan. Isaanis itti araaramanii qe'ee isaanitti deebi'anii jireenya isaanii geggeeffachaa turan.

Nugusni gaara Erer faayidaa hedduu uummata naannoo isaafi naannoo biro jiraataniifis kennaa ture. Adda durummaan Oromoon Tuulamaa akka lafaafi seenaa tikfatuuf eenyuyyuu caalaa tooftaa guutuu ta'een barsiisaa turuu isaa beekkamaadha. Keessummattuu Oromoota gidduu galeessatiif akka iddoo qabsootti yookaan handhuura waliigalteetti farra abbootii lafaa qajeelchaa, lolaa-lolchisaa akka ture seenaa kanarraa nihubanna.

Gama biroon Oromoon Tuulamaa qe'eef qabeenya isaa qofaa osoo hintaane seenaa eenyummaa isaa kan godaanes danuudha. Maarree isaan kanaaf immoo bu'uuratti kan raga ta'eef mootii yookaan ayyaantuu Gaara Erer akka ta'e dubbii maanguddoota kanarraa hubachuun danda'ameera.

### 4.2.3. Lola xaaliyaanii

Akka Obbo Sabbooqaa Damisee (21/8/2015) ibsanitti, Akkuma xaaliyaaniin gara biyyaa seenteen namootni baandaa tahanii Xaaliyaaniif tajaajilan uummata naannoo Arraabsaa jiraatu rakkisaa turan. Ergamtoonni xaaliyaanii namoota naannoo sanaa walitti qabuun baandaa ta'anii akka hojjatan, kana malees, sirna bulchiinsa haaraa kan xaaliyaanii akka fudhatan dirqisiisaa turan. Yeroo sanatti baandonni Farda yaabbatanii qe'ee abbaa qaburra garmaamaa turan. Haa tahu malee, uummanni nannoo sanaa baandotaaf gadi hin jenne. Namooonni baandotaan morman

immoo looniifi maatii isaanii bakka hulaa duulaa jedhamu holqa lafa jala jiru sanatti keessa jiraachifachuun dahannoo godhatanii sirna Xaaliyaaniif warra ergamtuu jalaa of baraaruu danda'anii turan.

Yeroo Xaaliyaaniin biyya keenya weraartee biyya kana keessa sochii gochaa turteetti. Haa tahu malee, Oromoon naannoo kanaa gita diinaaf harka hin kennine. Innis, warren baandaa tahanii hawaasa jalaa qabeenyaafi loon fudhachuu malee didan. Uummanni kun, bakka kana keessa, hallayyaa guddaa bifa manaa fakkaatu kan qabuufi keessi isaa akkaan kan miidhaguu irri isaa immoo citaan qarqara boolla kanaa irratti biqile walitti deebihuun golgee kan argamu ture jechuun himu. Kanuma irraa kahuun guyyaa guyyaa baandaan xaaliyaanii waan hindhufneef guyyaa qe'ee oolaa galgala immoo, bakka kana keessa loon ofii fudhatanii dhokachuun akka dabarsanidha.

Hawaasa Oromoo naannoo kana jiraatan keessaa Xaaliyaanii waraanuuf miillaan bara 1936 gara Maacewu deemanii deebihan keessaa namoonni lama bakka seenaa kanarraa kan deemaniidha. Gosaan Arraabsa yemmuu tahan maqaan isaanii Booyyee Echaayyii Idaasoofi Maakoo Kallachaa Qaammee kan jedhaman turan.

Afseenaa kanarraa akka hubatamutti, raagamtaa Oromoofi kabaja Oromoon gaara Ereriif qabu akkam akka ture yoo ilaalle baay'ee fagoofi cimaadha. Gaarri Erer immoo kanuma mirkaneessa. Mootiin gaara Erer osoo kabajaan qe'eetti deebiseera ta'ee mootiin Hayila Sillaassee silaa malaaf tooftaa Xaaliyaaniin akka gonkumaa biyya hinseenne tasisu nibaasaaf ture. Garuu ayyaantuun kun manaa isaa iddoo kabajaafi ulfinaa dhiisee naannoo laga Qabbannaa akka jiraatu shiraan waan taasisaniif, ayyaanni isaa dheekkamuun akka mootichi masaraa isaa dhiisee goodanu taasifame. Kanaafuu, shoorri mootiifi ayyaantummaa Gaarri Erer Xaaliyaanii keessatti mala baasuudhaa hanga loluuf lol-chisuutti jiru olaanaadha.

### 4.2.4. Diddaa Abbootii Lafaa

Akka obbo Baalulee Gurmee (12/92015) ibsanitti, naannoo bakka Ulaa Duulaa jedhamu kanaa gosa Galaan keessaa warra Arraabsaa jedhamutu jiraachaa ture. Gosti kun sirna abbaa lafaa kanaan walii galuu diduun lafni erga misoomee booda buqqasuu malee diduun yeroo sirni abbaa lafaa naannoo kanaa Abbooyyee Gasoo jedhamu kun buqqasuu malee didu gosti kun diduun abbaa lafaa kanaaf hanga kennamuu hunda yeroo didan kannarraa kahuun walitti buuhiinsi

guddaan isaan gidduutti tahe. Kanarraa kan kahe gosni kun si'a hedduu abbaa lafaan rakkoon irra gahaa, buqqaa'aa waan turaniif, warra abbaa lafaa kana mormuuf gosa kana keessaa shiftaa muraasni uumame isaanis: Wadajoo Wasanaa, Wasanee Allaa, Daggaffaa Xurasheefi Sharinat Booranaafi Fiixaa Bal'aa jedhamu jechuun himu. Gosni Arraabsi lafa erga qotisaaf miidhagsee lafi miidhaniif yeroo tolu abbaan lafaa dhufee irraa fudhachaa karra jala qotaa rakkisee jennaan baqachaa ammas irraa fudhachaa jiruun itti ulfaatee jennaan, abbootiin lafaa kun hawaasni gosa kanaa akka achii buqqaafaman gochuun gara Jimmaatti akka godaananu gochaa turuutu himama.

Abbaan lafaafi hayila sillaasseen walii galanii akka hawaasni kun lafa Sanaa buqqa'u gochuun Jimmaaf Arsii qubsiisan jechuun ibsu. Kannarraa kan ka'e namoonni kun karaa hin gurmoofneen yeroo garaa garaa abbaa lafaa jalaa loon oofanii fudhachuun, namoota deeggartoota isaa tahanis loon jalaa oofuun rakkoo itti uumuun akka rakkisaa turan dubbatu. Yeroon kun sirna bulchiinsa hayila sillaasee keessa waan tureef uummatichaaf rakkoo ture jechuun himu. Daandii sanaan Erer irraa waan gabaaf tahu Harargee irraa gaalaan dhiheenya irratti kan argamu midhaan gabaa Finfinnee geessuun yeroo deebi'an bakka amma Ulaa Duulaa jedhamu kanatti qarshiis tahe waan hunda nama harkaa fudhachaa ajjeessa turan jechuun dubbatu.

Bakki kun bosona guddaa kan qabuufi laga waan taheef ulfaata ture jechuun ibsu. Sababni namoonni kun badii dalaganiif immoo abbaan lafaa naannoo kanaa bahaa gala boqonnaa dhowwachuufi bulchiinsa isaa akka qeeqamu gochuun namoonni kaanis akka irratti ka'an gochuudha.

Karaa abbootiin lafaa ittiin lafarraa kaasan keessaa tokko sisoo(irboo) 2/3abbaa lafaa kennuun 1/3 qofaatu qonnaan bulaaf kennama. Itti aansuun akka dallaa abba lafaa ijaaru tasifama. Dhumarratti haati manaa qonnaan bulaa immoo akka mana haadha manaa abbaa lafaatii daakuu daakuun, moyyee tumuun, aannan raasuun tajaajiltu taasifama. Yoo kana didde biyyaa akka baatu, lafaafi qabeenyi sirraa fudhatama.

Garuu, Oromoon gaara Ereriif naannoo kana qubate ayyaantummaa abbaa Oromoo qabachuun Ulaa Duulaatti dawoo godhachuun sirna isaanii dhiibaa ture kana akka ofirraa faccisaa turan hubanna.

## 4.2.5. Diddaa Dhaabbilee Amantii

Marii garee 19/1/2016 ibsanitti, Tulluuu Erer (Erer kormaa) caffee dongoraa, iddoo seerri gadaa jalqabaa itti dongorame jedhama. afaan saaqamu sammuu isaa irraa iddoo hoodaa muummeewwan salgantu jira. Isaanis, Bibirsa, Tuulii, Siidaa muudaa, Daansee, Arsicha, Tulluu koormaa, Nagoo/Killa Wanjii, Abbayyiifi Shobbee jedhamuun beekamu. Haa tahu malee, namoota amantaa dawoo godhachuun naannoo ulfoo kana qubataniin bakki seenaa kun miidhaan irra gahee jira. Kanneen achii diigamanii badanis ni jiru. Kunis sirni duraan ture sun akka addaan citu gochuufi uummanni naannoo kanaa amantii kan ofii isaa dhiisee kan isaanii akka fudhatuuf sababa ta'eera.

Kanarraa kahuun namoonni naannoo kanarraa kaafaman nama adda dureen akka isaan achii irraa kaafaman godhe, yeroo booda loon, qabeenyaa isaafi bakkee amantaa kun akka diigametu himaama. Yaalii bakka sanaa kaasuuf godhame keessatti milkaahuu baatu illee namni sun bakka sanaa akka badu taasifameera.

### 4.2.5.1 Dhiibbaawwan Iddoowwan Ulfoo Irra Gahaa Turan

Bakkeewwan amantiin dhiibaman keessaa tokko Wiirtuu Muudaati. Sirnoota hawaasni naannoo kanaa Gadaa keessatti gama uumamaatiin diriiree waaqa isaa waliin hariiroo ittiin horatu keessaa wiirtuu muudaa isa beekamaadha. Wiirtuun muudaa kun naannoo kanatti karaa ayyaantuutiin uumaafi uumamaa waliin hariiroon akka jiraatu taasisaa ture. Kanarraa ka'uun, naannoo kanatti wiirtuun sirna muudaa akka baduufi wiirtuu sirna muudaa akka dhiibamu gochuun Gadaan akka ciisuu tahe. Bakkeewwan muudaa irraa hanqisuun siyaasaan akka laaqamu gochuuf bakkeewwan muudaa naannoo kanatti argaman irratti dhiibbaa garaa garaa godhaniiru. Wiirtuuwwan muudaa kanneen keessaa bakka muudaa Birbirsaa, bakka muudaa Tuulii, bakka Muudaa kan jedhamantu jiru. Isaan kun sadeen bakkeewwan kabajamoofi ulfaatoo waan ta'aniif seenaa guddaa qabu.

Akka waliigalatti, dhiibbaan iddoo ulfoo bakkeewwan seenaa kana irraan gahaa ture laayyoo miti. Keessattuu hanga ammaatti sababa Irreessi Tulluu seenaa qofaan kabajamuuf keessaa inni ijoon dhaabbileen amantaa warra alagaa sirna mootii waliin dhufan keessaa inni guddaan xiyyeeffannoo isaanii inni guddaan gaarreen ulfoo Oromoo ta'uusaati. Iddoon Irreecha Tulluun Erer kun Tulluu Cuqqaalaa dura akka ture seenaan afseenaadhaan nikaasa. Garuu, Tulluun Erer Finfinnee iddoo masaraa mootichaatti waan dhiyaatuuf dhiibbaan itti cimuun hinhafne.

Kanaafuu, Gaarri Erer iddoo ulfoo irreeffannoo Oromoo Tuulamaa keessayyuu kan Jiddaafi kuraa akka ture yaadachuun salphaa akka taanetu hubatama.

**4.2.5.1.1. Bakka Muudaa Birbirsaa**

Bakki muudaa birbirsaa jedhamu kun bakkeewwaan ulfoo Tulluu Erer kormaa irratti argaman keessa isa tokko. Bakka muudaa kana biqiltuu birbirsa jedhamutu ture bakka kanatti warri nafxanyaa sirni muudaa kun akka bakka kanatti hingaggeeffamneefi bakka kanatti mana amantaa ijaaruuf karoorfatani. Hawaasni naannoo kanaa sirna kana sirritti qabatee waan hordofaa tureef akka gad dhiisuuf duraan dursa bakka kana dhabamsiisuu ture.

Kanarraa kahuun qeesiin habashaa maqaan isaa baatawii Gabra Masqal jedhamu bakka muudaa gosa mukaa birbirsaa jedhame kutee gate. Akka bakka kanatti sirni muudaa hin gaggeeffamneef warreen sirna kana balfan waliin walii galuun warra aantee bakka ulfoo kanaaf qabuun adamsuutti kahan. keessa namni baatawii Gabra Maasqal jedhamu Birbirsaa lafa irreeffannaa kutee gube. Kanumaan gosti warra Gaaleeyyi jedhamuu loon inni naannoo kanatti horsiiseefi taabota isaanii hatuun naannoo sanaa barbaddeessuun akka inni lafa kanaa godaanuu gochuun gara lafa Ulaa Duulaa kanatti ofiis goodanuun qe’ee ulfoo dhiisanii akka bakkeewwan adda addaatti qubsuma tolfatantu dubbatama.

**4.2.5.2.2 Tulluu Kormaa / Siidaa Kormaa**

Siidaan kormaa kun gosa warra Erer Abbayyii jedhamuun naannoo Aqaaqii Basaqaa kan jiraatan korma kan itti qalan yemmuu tahu. Bakka kan jala isaa laga waddeechaa kan jedhamu irreessa birraatu itti bahama ture. Sirni kun hanga masqala birraa dhufee saaquutti eenyuu illee hinsaaqu ture. Hayila sillaaseen illee naannoo kanaa mana qaba ture. Qe’een kun karaa biroo qe’ee warra muudaa ture. Bakka kanatti immoo bataskaana ‘koraa Maaram’ jedhamu dhaabani. Holqa hooda adda addaa itti raawwatan immoo Gadaamii godhan. Yeroo kana bakki muudaa kanneen akka: bakka muudaa Tuulii, bakka siidaa muudaa, bakka muudaa Daansee, bakka muudaa Arsicha, bakka muudaa Nagoo, bakka muudaa Abbayyii, bakka muudaa Shobbee sirni irratti gaggeeffamu kamiyyuu addaan cite.

**4.2.5.6. Bakkeewwan Ulfoo Naannoo Ulaa Duulaatti Argaman.**

Bakkeewwan ulfoo naannoo naannoo Ulaa Duulaa kanatti argaman hundi isaanii iyyuu lafa seenaa kana kallattii adda addaan daangeessu. Malkaawwan kun hawaasni naannoo kana jiraatu sababa rakkoo yeroo abboottii lafaa waliin uumameen malkaawwan saaqamanidha.

#### 4.2.5.6.1. Malkaa Irreessaa Gunjaar

Moggaasni maqaa Gunjaar jedhuu kun laga yeroo gannaa akka malee guutuun lafa isaa gad dhoqsuun bifa adda addaa akka qabaatu taasisee kana irraa kahuun fakkaattii lagni sun boca lafaa irratti uumeen akka moggaafame maanguddootni ni dubbattu. Malkaan kunis, bakka amma caffee jedhamuun waamamutti argama. Malkaan kun lafa irreessa malkaati.

Bakka seenaa kana irraa gara kaabaatti kan argamtu yemmuu, tahu gosti naannoo kanatti irreeffatu cittuu Jiddaa akka tahedha. Gosni kunis, dhufaatiin isaanii Jidda iraa tahuu isaanii eeru. Duraan isaan illee wiirtuu Ereer akka deemaa turaniifi Aqaaqii irratti irreeffachaa akka turantu himaama.

#### 4.2.5.6.2. Malkaa Bashaallee

Maqbaasni bakka ulfoo kanaa bakka irreessi itti gaggeeffamu sanatti biqiltuu muka harbuu tuuta taatee gumuun dhaabbattu kan bifni isaa miidhagaa baalli isaa bashaash jedhee ta’uu irraa bashaallee jechuun akka moggasni maqaa kun kennameef ni ibsu. Bakki argama isaa kun yeroo ammas, Bashaallee jedhamuun waamama.

Malkaan irreessa bakka kanaa waggaa lamaan dura deebisanii jalqabanii akka ture gidduun immoo akka ammas deebisanii dhiisaniidha. Kunis, hawaasuma naannoo sanaan kan jalqabiin isaa yaalame yemmuu tahu kan inni jalqabamees, wiiruun Ereer diigamuun booda tahuu isaa booda tahuu ni dubbatu.

#### 4.2.5.6.3. Malkaa Carii

Malkaan irreessa bakka itti argamuu kanatti balinaan lafti isaa gosa cirraachaa Carii jedhamu kanaan uuwwifame waan taheef lafa sana irraa ka’uun malkaa irreessaa kanaaf moggasni maqaa kun akka kennamef ibsu. Bakka malkaan kun itti argamu yeroo ammaa Eekkaa Boolee waamamti.

Sababni yeroo ammaa maqaan kun ittiin waamameef erga haalli qubsumaafi sirni bulchiinsaa booda kanaa jijjiiramaa uumaa uummata bakkeewwan duraan mooggasa kennaniin bulchuuf hinfeeneef bakki kun maqaa duraan qabu irraa gara kanatti akka dhufe dubbatu. Haa ta’u malee irreessi bakka kanaa kunis hangas mara kan gaggeeffamaa jiru osoo taane namoota muraasaan tahuu isaafi erga diigumsa warra Gaaleeyyiifi Arraabsaa booda tahuu isaati.

#### 4.2.5.6.4. Malkaa Xaafoo

Malkaan kun daangaa Lammii Kuraafi Laga Xaafoo Laga Daadhii gidduutti kan argamtu yemmuu tahu, maqaan isaas taatee laga kanaan walqabatu irraa akka tahe himu. Innis, yeroo ganna lagni bakka sanatti argamu kun xaafii lafa qonnaa irraa haree laga cinaatti bal'inaan biqiltee argamtu irraa kahuun laga xaafoo akka jedhamtetu himaama.

Kanuma irraa kahuun malkaan kunis, Malkaa Xaafoo jedhame. Malkaan kun sababa dhiibbaa sirna nafxanyaafi ijaarsa manneen magaalaa Finfinneetiin bakkeewwan itti irreeffatan xuraa'uufi ijaarsa mana amantaan wal qabachuun hedduu akka laafe ni dubbatu.

#### 4.2.5.6.5. Malkaa Irreessaa Aqaaqii

Malkaan kun kallatti gara irreessi jiruun Lammii Kuraa keessatti kan argamu yemmuu tahu, gara kaaniin kutaa bulchiinsa Aqaaqii Qallittii keessatti argama. Moggasni maqaa kanaa kan kennameef maqaa namaa irraa yommuu tahu innis, dur naannoo amma Aqaaqii jedhamee waamamu kanatti, Baabura midhaan daaku kan bishaaniin dalagu tokkotu dhaabbatee ture jedhu. Yeroo kana laga bishaanii kana taarbayinii baaburaa sana rukkutee akka sochii gochuun dalaguuf gara baaburaa kanatti bishaan sana jallisuuf qotaa oolanii galagala yeroo isaan galan namni Aqaaqii Duubee jedhamu immoo bakka bishaanii kanatti bahee haqaaqi egaa jechuun gala ture.

Warri qotuufi baaburaa ganama yoo dhufan bishaan sun gara birootti haqaaqamee argama yookaan kallatti isaan jallisuuf qotan dhiisee gara birootti goree bula ture jechuun himu. Gochoonni kun irra deedeebiin raawwatamuu malee didnaan jaarsa biyyaa deemanii gaafatanii jennaan akka milkaa'uuf aqaaqii duubee bira deemaa jechuun yeroo ergan kutaa bitanii fudhanii deemuun dhimma isaanii itti himatanii kutaa kana itti uffisanii jedhan aqaaqii duubees aqaaqiif gaa yookaan toliif jechuun yeroo inni dubbatuuf sanumaan aqaaqameef yookaan jallateefii gara baabura sanatti goreef kannarra ka'uun Aqaaqii jedhame jechuun dubbatu.

#### 4.2.5.6.6 Tulluu Araaraa

Bakki kun bakka itti Oromoon walgahee yeroo bonni dheeratu waaqa isaa itti bahuun araarfachuun roobni yeroo dheeraaf roobuu dide itti roobu waan taheef, lafa araaraati jechuun amanu. Tulluun immoo lafa ol ka'aadha. Moggasni maqaa kunis kan kennameef lafa sana waliin walqabatee gochoota bakka sanatti dalagaman waliin akka tahetu ka'a. Kanarraa kahuun Tulluu Araaraa akka jedhame ibsu.

Waggoota danuuf sirni achitti gaggeeffamaa ture addaan citee kan tureefi booda kana keessa deebi’aa kan jiruufi namootni bakka sana buqqaafaman sanyiin sanyii isaanii dhufanii bakkee irreessa gaaraa kana irratti sirna duraanii akka raawwachuun jalqaban odeefkennitootni ni dubbatu.

## 4.3. Afwalaloo Ulaa Duulaan walqabatanii jiran

### 4.3.1. Ulfina Tulluu Ereer

Akka odeef kennaan Kaasaa Maammoo (26/8/2015) ibsanitti, Tulluun Erer kun bakka ulfoo hawaasni naannoo sanaa jaallatudha. Jaalalaa isaaf qabu ittiin ibsachuuf akkas jechuun weeddisee sirba.

*(1) Erer yaa sammuu sariitii*
*Halkan moo guyyaatu caalaa*
*Halkan maa daftee bariiti*.

Hawaasni naannoo tulluu Erer jiraachaa ture salphaatti naannoo Tulluu Erer gadi dhiisee hin deemne. Iddoo ulfinaafi kabaja qabu kan bara dheeraaf jiruufi jireenya isaanii irratti geggeeffachaa turan shira diinaatiin gadi dhiisanii deemuun baay’ee isaan gubee ture. Erga iddoo sana gadi dhiisanii deemanii booda naannoo ulaa duulaa qubatanii jireenya gadadoo jiraachuu itti fufan. Achittis rakkoo, dhiphina, gidiraafi cunqursaa isaanirra gahe karaa adda addaan ibsachaa turan. Sirbi armaan olitti ibsames kanuma akeeka. Kunis bakka ulfinaatii dhufnee qe’ee keenyas gadi dhiifnee rakkoonis halkanii guyyaa nu wallaalchise jechuuf quuqqaa isaanii walaloo afaaniin ibsatan.  Jireenya hadhaawaa dhiha aduufi barii lafaa jibbisiisu jiraachaa turuu isaanii afwalaloon ibsachaa turan.

*(2) Gaarri Eroo torbaa muuxxichaan sagalii*
*Sagal bulii koottuu sagalee too barii*

Ergaan afwalaloo kanaa immoo gaarri Erer ulfina guddaa akka qabu kan ibsudha. Namoonni bakka seenaa kanatti waan wal gahaniif yeroo sanatti dhiibbaan bakkicha irra waan tureef na barbaadiitu bakka ani jiru iyyaafadhuuti koottu.  Kunis kan jedhamuuf qe’ee warra Ayyantuu koottuu gaafadhu. Kana malees dura iddoo ulfiinaatti nu beeku, har’a garuu bakka nuuf hin malle jirra jechuuf quuqqaa isaan keessa jiru ibsachuuf kan sirbanidha.

### 4.3.2. Afwalaloo dhiibbaa amantii ibsu

Akka odeef kennaan Obbo Sabbooqaa Damisee (21/8/2015) akka ibsanitti, bakka seenaa kana balleessa yeroo deeman hawaasni naannoo kana warreen sababa amantiin dahatanii duudhaa hawaasa sana balleessan akkas jechuun ibsate.

(1) *Shaggar jirti sheekinii*
*Addis Ababaa jirti sheekinii*
*Nuti rabbirraa dhufnee*
*Amanaa fudhaa jette qeesinii.*

Ergaa afwalaloo kanaa yommuu ilaallu, bakki afwalaloo kanaan ibsame Shaggar yommuu ta'u, yeroon isaa immoo baroota uummata Oromoo amantii duudhaa isaa gachisiisuudhaan amantiiwwan alaa galan dirqamaafi gowwoomsaan akka fudhatan taasifamaniidha. Haata'u malee, yoomessa afwalaloo kanaa yommuu jennu xiyyeeffannaan isaa bakkaafi yeroon osoo hintaane, haala afwalaloon kun ittiin dhiyaate irratti kanxiyyeeffatudha. Oromoon kutaa kana keessa jiraatu yeroo sana duudhaa, safuufi amantii isaa gatee amantiiwwan alaa dhufan dirqamaan akka fudhatan taasifamaniidha.

Ergaan walaloo kana irraa hubatamu hawaasa kana hawaasa dhalataa naannoo kanaa tahe yoo danda'ame gabbarsiisuu, yoo didan immoo, lolaan gabbarsiisaa amantiii fuuldura qabuun humnaan sodachisuun gabbarsiisuu, akkasumas, lafa qubsumaa irra dursaa Amantii kiristaanaa haa tahu malee, Hawaasni naannoo kana jiraatu kan isaa tuffachiisuun amantii sirriin waaqa waliin kan wal qunnamsiisu amanii kirstaanaa akka taheefi kan isaanii waaqa irra akka ergameefi ergaman agarsiisaa lallabaa kan turan tahuu isaa weedduu kanaan agarsiisaa turan ta'uu isaaniiti.

( 2) *Yaa qeesii goorgisii*
*Daawitii gombisii*
*Yaa qe'ee abbaa hinqabnee*
*Situ ofirratti jibbee*
*Yaa qe'ee abbaa qabuu*
*Situ ofirra bulchee*
*Taa'iiti roorrisii.*

Akka odeef kennituun Addee Gaaddisee Sabbooqaa (17/8/2015) ibsiteetti, Hawaasni naannoo Ulaa duulaa jiraachaa turan baay'inaan abbootii lafaati. Abbootiin lafaa kun immoo gosaan

nafxanyaadha. Nafxanyoonni kun immoo dhaabbata amantii jala galuun jiraattota naannoo sanaa dhiibaa turan. Ergaan sirba armaan olitti dhiyaatees nutu nafxanyaa lafa keenyarra jiraachisee ofitti roorrisiisa. Qe'ee abbaa qabu akka abbaa hin qabneetti ormaaf dhiifne jechuun quuqqaa garaa isaanii keessa jiru ibsachuuf sirbuu isaanii agarsiisa. Nafxanyoonni namoota naannoo sanaa lafa isaanirraa ari'uun lafa isaanirratti immoo ijaarsa manneen amantii babal'isanii aadaafi duudhaa isaanii balleessaa turan. Hawaasnis gocha nafxanyaa kanaa balaaleffachuufi hanga lolee diina kana ofirraa ari'uutti yaalii taasisuu sirboota quuqqaa agarsiisan sirbuun wal kakaasaa turan

### 4.3.3 Afwalaloo diddaa keessoo hawaasa naannoo Ulaa Duulaa

Obbo Sabbooqaa Damisee (21/8/2015) akka ibsanitti, bakka Ulaa Duulaa jedhammu kanatti, dur obbolaan lamaan gidduutti lolli adeemsifamee ture jechuun himu. Gosti Eekkaa gandi Habeebee Tufaa, Jimaa waarii Gololee gosa warra Galaan ganda Bashaallee warra Daadhii Gimbii Jimaa Urgoo waliin daangaa balifachuu irraatti wal dhabuun asi hindarbiin; achi hindarbiin; yaanni jedhu kahee jedhu. Gandi waarri Eekkaa kun warra Daadhii Gimbii Jimaa jala loon oofanii galan yeroo kana haati warraa Daadhii Gimbii qe'ee warra Bashaallee kun loon kiyya nan deebisadha jechuun Daadhii Gimbiitti himte jechuun dubbatu. Daadhii Gimbii akkamiin deebista? jechuun yeroo dubbatu nan deebisa jechuun, dubartii walitti qabattee elemtuu qabattee ililchaa ganda Habeebee Tufaafi Jimaa Waarii akka deemtetu himama.

Yeroo qe'ee isaanii geessu:

(1) *Yaa ganda Jimaa Waarii Gololee*
*Dhaltiin natti mar'attee*
*Jabbiin natti mar'attee*
*Garan itti galun dhabee*

Ergaan afwalaloo kanaa looniin fakkeessuun, ergaan isaa kan darbe haa tahu malee, dubartiin sa'aa manaa qabnee rakkoodha. Ijoolleen aannaan na gaaffattee rakkoo keessan jiraa loon kiyya naaf deebisaa jechuun ibsachuu argina.

.

Erga loon fudhattee daandii Karra Aloon gad dachaaftee booda yeroo naannoo Ulaa Duulaa geessu akkas jechuun weeddifte:

*(2) Maalii iliilchaa dhufee x2*
*Loon dhiirri gadhiisee*
*Ani dubartiin harma jigaa ta'ee fuudhee dhufee*

Akka sirba armaan oliirraa hubatamutti ani gammachuunin maaliif na simattanii loon silaa dhiirri irraa deemee deebisuu qabu, ani dubartii taheen loon fudhataman ofii kiyyan fidee dhufee. Dhiira kan jedhamu qee'ee kan hinjiru jechuun ibsachuu ishee kan agarsiisuudha. Fakkoommiin elemtuu – loon dhalte jiraachuu isheeti.

**4.3.4. Afwalaaloo diddaa abbaa lafaa**

Obbo Tasfaayee Dhaabii (04/9/2015) akka ibsanitti, Oromoon naannoo Arraabsaa jiraataa ture bara durii eegalee qe'ee isaatti kabajaafi ulfina argachaa tureera. Haa tahu malee, bittaa sirna nafxanyaa mootii Hayila Sillaasee kan ta'an abbootiin lafaa lafa isaanii, qabeenyaaafi loon, hoolaafi kanneen biro saamaa turan. Kanaanis Oromoo naannoo sanaa hiyyummaa keessa galee rakkachaa ture. Quuqqaa garaa isaa keessa jirus walaloo armaan gadiin ibsachaa turan

(1) *Hoolota gugguurraa yaa gaggaarree*
*Abbaa lafaa yaa faggaarree*
*Nan bita kaloo koo fagaadhee*
*Yoon shillingii koo qabaadhe.*

Ergaan sirba armaan olii kan ibsu jibba abbaa lafaa ti. Akka yaada walaloo kanaatti hawaasni naannoo sanaa abbaa lafaaf hojjatee garba tahee jalatti hin bulu jechuu isaati. Abbaan lafaa lafa keenya yoo nurraa fuudhe qabeenyaa qabnuun lafa bitannee iddoo jijjiirrannee jiraanna malee diinaaf harka hin kenninu jedhanii quuqqaa garaa isaanii ibsachuu isaaniti. Gama biroon Oromoon naannoo sanaa lafa qotuu cinatti loon horsiisee jireenya isaa waan geggeeffatuuf lafa kaloo isa barbaachisa. Ta'us, lafti isaa irraa fuudhamee loon isaa kaloo tikfatu waan dhabeef qabeenyaa qabuun gara biraatii kaloo bitatee loon isaa horsiifachuu akka itti fufu dhaadachuu isaa sirbaan ibsachaa ture.

*Sii bahe biyyaa si bahee≠2*
*Yoo hadaan miidhaan siif tahee*
*Yoo waraabuun ollaa sii tahee*

*Yoo Sardidni ollaa sii tahee*
*Abbaa lafaa yaa girgideecha*
*Amma dhufee shiboon wal nu qixxeechaa*

**(Tasfaayee Dhaabiin 14/9/2015)**

Walaloon kun gosti Arraabsaa gara Baalee yeroo deemaan naannoo kanaa yeroo buqqa'ee deemu daa'imman waliin deemtu kan sirbaa deemtu turee jedhu. Ergaa isaa akka afwalaloo armaan olii irraa arginutti, abbaan lafaatiin lafata nu qonnee miidhaan nurraa fudhattee nu dhiibdu sana siif dhiisnee jirraa. Laficha irratti kanaa booda biqiltuu hadaa jedhamtuutu margaa. Inni yoo soorata tahe ni arginaa, namni hunduu bakka kana siif gadhiisee deemeeraa kan sitti hafu bineensa qofaa isaan kun kan si waliin jiraatan yoo tahe ni argina jechuun ibsachaa turuu kan agarsiisuudha.

Gama biroon immoo bo'oo dhumaa lamaan irratti immoo yaa abbaa lafaa ati jabaa yoo of seete illee kan sirra caaluu qabeenyaa keenya kana fuudhee kana nuuf deebisu dhufuun isaa hin hafuu jechuun ibsachuu isaati.

*(2) Yaa bishaan shaggar qarree*
*Saayinaa uree lafa seenuufi*
*Nagaatti yaa biyya koo*
*Baaburri dhufee anideemuufii*
*Yaa baabura ittiyyee*
*Akka shuwwisuu, namaan kuffisuu.*

***(Hordee Damisee 4/9/2015)***

*Afwalaloon* kun sirnoota kana keessa saamichi lafaa daangaa malee akka irratti gaggeeffamaa ture odeef-kennitoota irraa hubachuun ni danda'ameera. Weedduun kun jireenya gaddisiisaafi mijataa hintaane akkasumas, roorroo sababa weeraraafi buqqaatii lafa isaa irraa ka'uu uummata Oromootiin kan ka'e aariin qabamanii weedduu kanaan miidhama isaanii kana ibsachaa turuu kan agarsiisudha. Kanaafuu, hawaasni Oromoo afwalaloo kanatti dhimma ba'e aarii sababa miidhama isaanirra hanga lafarraa buqqifamuutti ga'aa ture ibsuuf kan itti fayyadaman ta'uu isaa ibsa. Kunis, haala kufaatii siyaasa Oromoofi ka'umsa siyaasa nafxanyootaa irraa kan ka'e miidhaa uummata Oromoo irra hanga lafa isaanirraa buqqisuutti taasifameen weedduun aariifi quuqama uummatichaa ibsu kun haala armaan olii kanaan kan weeddifameefi miira aarii isaanii kan ibsu ta'uu isaati.

Dabalataan illee,    nagaatti biyya koo

Baaburri dhufee ani deemuufii kan jedhu kun uummanni naannoo bakka seenaa kanaa jiraatan sababa roorroon itti cimeef aaranii biyyaa ba'uuf yommuu waliifi biyya isaaniitiif weedduu kanaan kan dhaaman ta'uu kan agarsiisudha. Akka yaada odeef-kennitoota qorannoo kanaatti hawaasni Oromoo walii walii isaatiifis ta'ee nama kamiifuu safuu laataaf akkasumas, loon isaatiif jaalalaafi kabaja guddaa qabaaf. Kanarraas kanka'e ofiifi loon isaa bakka boqonnaa qabu akkasumas, tasgabbaa'aa ta'e akka jiraatan fedha. Lafa wacni itti hammaatufi gogaa barbadaa'aa jiraachuu hinfilatu. Haa ta'u malee, hawaasa Oromoo naannoo bakka seenaa kanaa lafa jiidhaafi tasgabbii qabu akkasumas, sirna bulchiinsa gadaatiin walbulchaa turetti hawaasni aadaa kanaan faallaa ta'e Kaabarraa itti duuluun aadaafi kabaja hawaasichi sana dura waliif qabaachaa ture salphisee uummata nagaa diigaa tureera. Sana booda bakkichas ta'ee namnisaa tasgabbii dhabaa dhufuun loonsaanii gariin saamaa, gariin immoo kabajaafi kunuunsa dur qabaataa turan dhabuun lafti dhiphatee hawaasichi gariin iddoo gadhiisuun bakka garaa garaatti baqachaa tureera. Kanaafuu, weedduun kunis kan ibsu, dhiibbaawwan kunniin itti cimee bakka jiraatan waan nu dhorkaniif ka'anii biyya dhiisanii sokkuuf murteessuu agarsiisa. Baaburri geejjiba ammayyaa kan erga sirni bulchiinsa Minilik biyya kana qabatee booda gara biyya keenyaa gale ta'uu isaati. Haata'umalee, bo'oo afwalalichaa dhumarratti, hawaasichi dhiibbaa jaraa jalaa miliquuf jecha jajuu fakkeessuun kan itti dhimma ba'aniidha. Kanamalees, jechi *'akka shuwwisuu nama hinkuffisu'* jedhu kunimmoo, ariitiin baaburri jarreen yeroo sana biyya keenya galchan sun ittiin deemu daran saffisa qabaachuu kan agarsiisufi dafee fuudhee biyyaa nama baasuu kan danda'u ta'uu isaa kan ibsudha.

*(3) Tufaan shaggarii gala*
*Dirribii kutaa gadi dhiiseetoo*
*Garaan koo badi jedhaa*
*Araddaa duraa gadi dhiisetoo*

Ergaan afwalaloo kanaa hawaasni afwalaloo kanatti dhimma ba'e kun naannoo kanatti sirni nafxanyaa ulfaachaa dhufuun itti cimaa waan dhufeef, biyyichuma gadhiisee sokkuu kan barbaade ta'uu ibsa. Yaada kanas, ragaa odeef-kennitoota qorannoo kanaa irraa argamerratti hundaa'uun yommuu ilaallu, hawaasni bakka seenaa kana jiraatu afwalaloo kanatti fayyadame miira gaddaa lafa isaarraa humnaan buqqifamuurraa kan ka'e itti dhaga'ame afwalaloo kanaan

ibsate jedhu. Kanas, bo'oo tokkoffaa keessatti gaaleen inni jalqabaa "*Tufaan Shaggarii gala*…"kan jedhu Tufaa Munaa Abbaa biyyaa naannoo Shaggar durii kan tureefi dhiibbaa sirna nafxanyaatiin kan ka'e, abbaan biyyaa kun biyyicha irraa dhiibamee kan sokke akka ta'e kan agarsiisudha. Yaada kanas, bal'ina isaa bo'oo walaloo olii irraa yommuu ilaallu, {*Garaankoo badi jedhaa araddaa duraa gadidhiisetoo}* kan jedhu immoo, Tufaas ta'ee, warreen biroon sababa dhiibbaa sirni nafxanyaa irratti fe'ameef araddaa isaanii gadidhiisanii sokkuu akka barbaadan weedduu kanaan ibsan jechuudha. Kanaaf ergaan walii gala afwalaloo kanaa sababa roorroon alagaa uummata Oromoo irratti hammaateef, hawaasichi jiruufi jireenya isaa gadidhiisee deemuuf murteeffachuu agarsiisa.

*(2) Migira yaa daarii lafaa*
*Abbooyyeen Gasoo diddeeni*
*Ani aariin ulaa lixee rafaa.*
(Kaasaa Maammoo)

Ergaan sirba armaan olii kun jibba Abooyyee Gasoo ibsa. Abbooyyee gasoo kun abba lafaa sirna hayilasillassee keessa uummata cunqursu ture. Oromoonni naannoo arraabsaa jiran hundi waan hojjatan osoo ofiif itti hin fayyadamiin hunda abbaa lafaa kanaaf kennuu turan. Kan kennanis jaalala isaanitiin osoo hin taane dirqamaanidha. Dafqanii Bajjii qotanii aramanii haamanii dha'anii dilbii galchanii osoo ofii hin nyaatin abbaa lafaatiif galchuun akka roorroo guddaatti ilaalanii balaaleffachaa turan. Roorroo jibbisiisaa kana jalaa bahuuf Oromoonni naannoo kana jiraatan baay'een isaanii harka abbootii lafaa jalaa bahanii Ulaa Duulaatti baqatanii finciluu eegalanii turan. Qabeenyaa ofii qaban diinaaf dhiisanii ulaa kanatti galuu isaanii aarii of keessaa qaban ibsachuuf yeroo baay'ee geerarsaan sirbaan quuqqaa isaanii ibsachaa turan. waan hinfeeneef naannoon ulaa duulaa kun migiraan akkuma jirutti uffifamee waan jiruuf, isaaf ajajamuu irra holqa sana seenee ciisuu naaf wayyaa jechuun qeeqa isaaf qaban ittin ibsachaa turan.

(3) *Yaa bashallee yaa bashallee*
*Ijoolleen daamaa gugsitii*
*Lafti keenya dubbii hindhabu*
*Amma hambaa dubbiiti.*
***( Balulee Gurmee*** **12/9/2015)**

Ergaan sirba armaan olii kun lafa keenyarratti dhugaan keenya bulee ni mul'ata jechuuf kan sirbame dha. Akkuma "Oromoon Baddu baddi malee iddoon ijaa hin baddu" jedhamu sana, diinni Oromoo naannoo sanaa nafxanyaan humnaan lafasaarraa buqqisus turree bullee lafa keenyarratti ni deebina jedhanii abdii qaban ibsachaa turan. Lafti isaanii kunis iddoo seenaa isaanii akka ta'eefi bakka waggaa dheeraaf jireenya isaanii itti geeggeeffachaa turan tahuus ni ibsa. Lafa jiruufi jireenya isaanii kan duudhaa, safuufi aadaa isaanii kan eenyummaafi maalummaa isaanitiin walqabatu kana dhabuu isaanitti gadda guddaa itti dhagame ibsachaa turuu isaanii afwalaloon armaan olii ni ibsa.

*(4) Dur qotiyyoo hinqabu*
*Inyiin qotadha malee*
*Amma niitii hinqabu*
*Si gabaan gala malee*
***(Tasfaayee Dhaabii 30/8/2015)***

Afwalaloon armaan olii sababa Oromoon qe'ee isaarraa ari'ameef kabaja dhabuu isaa ibsachuu agarsiisa. Kunis, Oromoon naannoo sanaa yeroo qe'ee isaarra ari'amu maatiin adda bahee jireenya kopha kophaa jiraachaa kan ture tahuu ibsa. Keessumaayyuu dhiirri Oromoo yeroo sanaa haadha warraa isaarraa adda bahee kophaa jiraachaa ture. Abbootiin lafaa yeroo sana harka caalu warra dhiiraa haadha manaa isaanirraa ari'anii yoo fedha isaanii tahe ofiif itti darbanii fuudhu. Yoo fedha isaanii tahuu baate immoo ashkaroota isaanii fuusisu. Abbaan warraa qe'ee isaatii ari'ame deebi'ee haadha warraa isaa ijaan iyyuu hin argu. Bakka itti baqatee jiru sanatti niitii biroo kan dhirsi irraa du'e yookaan manaa ari'ee baase yookaan sababa adda addaan kophaa galtee jirtutti hiiquun sigabaa itti gala. Yoo humna qabaate dhiira biroo irraa ari'atee achumatti niitii taasifatee jireenya haaraa jalqaba. Hanga dhugaan isaa mul'attutti achuma tura. Yeroo kanattis aarii garaa isaa keessa jirtu ibsachuuf afwalaloo armaan oliitiin ibsachaa tureera.

### 4.3.5. Afwalaloo diddaa Xaaliyaanii

Akka obbo Baalulee Gurmee (12/92015) ibsanitti, Sirni xaaliyaanii akkuma dhufeen Hayila sillaaseen baqatee biyyaa bahee ture. Yeroo sanatti Xaaliyaaniin biyya kana bulchuuf sirna ishee diriirfachuuf uummata dirqamaan akka seera ishee fudhatan taasisaa turte. Oromoo naannoo arraabsaa jiran kanneen naanoo Ulaa Duulaa qubatanii jiran irrattis lola bantee dararuu jalqabe.

“Cittoorratti Fanxoo” akkuma jedhan sana Oromoo naannoo sanaa duraanuu abbootiin lafaa itti roorrisaa kan jiru tahus amma immoo dabalataan Xaaaliyaanonni dhufanii uumata kana waraananii sirna isaanii jala galfachuu barabaadan Haa tahu malee, isaan salphaatti harka hin laanne Nugusa Hayila Sillaaseellee nuuf wayya jedhanii osuma aaranii sirbaan beeksifachaa turan. Isiniis rakkattanii nutis rakkanne jechuun akka armaan gadii kanaan ibasataa turan.

*(1) Maaloo maaloo nugusa keenyaa×2*
*Maa rakkaturee maa rakkaturee anuu gala gaye*
*Maa rakkachuu didamaa rakkachuu didna*
*Amasittu farasanyaan nurra ba’e*

Ergaan Sirba Kanaas, yeroo Hayila silasseen biyya gadi dhiisee badu kan ummanni faarsaa ture yommuu tahu, gocha warri farasanyaa jedhan kun yookaan farda xaaliyaanii tahuun tajaajilan bandaa jechuun waaman qeequuf ture. Yeroo sanattis, namoonni naannoo kana turan xaaliyaanii waraanuuf tokkummaan jabaatanii lolaa turan. Lola sanas bakka ulaa duulaa jedhamutti diina farda yaabbatee isaan waraanuuf dhufe ofirraa deebisanii osoo lubbuun isaanii hin darbiin deebi’anii galan.

**4.3.6. Afwalaloo Balaaleffannaa Nafxanyoota yeroo Sanaa ibsu**

Akka odhimaan obbo Sabbooqaa Lataa (23/8/15) ibsanitti, Yeroo diddaa Oromoota naannoo Ulaa duulaa qubatan sana nafxanyaan Abbooyyee jedhamu jiraattota naannoo sanaa baay’ee rakkisee ture. Namni abbooyyee jedhamu sun Oromoo naannoo sanaa lafa irraa fuudhee qochisiisee ofiif fudhachaa kan hafeimmoo Mootii Hayila Sillaaseef dabarsaa ture. Oromoonni gartokkeen immoo roorroo akkasii diduun Wasanee Allaa waliin iddoo Ulaa duulaatti duulanii nafxanyootaan loluu jalqaban. Loon nafxanyootaa keessumaayyuu kan nama Abbooyyeee jedhamuu sana jalaa hatanii Ulaa Duulaatti qalatanii nyaachaa turan. Yeroo sas aarii isaa keessa jiru balleeffachuuf sirboota adda addaa baay’ees weeddisaa turan keessaa tokko akka armaan gaditti dhiyaatee jira

*(1) Ka’eetan deemaa lafa wasanee Allaa*
*Shiftaa nan haa jettuu loon Abbooyyee qallee galla.*

Ergaan sirba armaan olitti dhiyaatee jiru dhaadannoo jabaa agarsiisa. Haaluma kanaan, Yoo shifta nuun jedhan illee shiftaa jedhameetuma jiraanna malee loon Abbooyyee qalannee galla

jedhanii wal kakaasuu isaanii ibsa. Namoonni nafxanyicha Abbooyyee biratti hafanii hojii isaa hojjatanillee yoo roorroon itti hammaatte bakka Wasanee Allaa deemnee loonuma abbaa lafaa kanallee hannee qalannee jiraanna malee diina keenya kanaaf gadi jennee hin jiraannu jechuun sirbanii wal jajjabeessu. Wasanee Allaa Immoo Oromoota naannoo sanaa walitti qabee ulaa duulatti duuluun nafxanyaa abbaalafaa ofiin jettu sana itti duulanii rakkisaa turan jedhama. Afwalaloon kunis gootummaa Wasanee Allaa ibsuufi Abooyyee balaaleffatanii qabeenya isaa saamuuf kan sirban tahuu isaa ibsuuf sirbame. Afwalaloo adda addatti dhimma bahuun roorroo isaan irra gahu ibsachaa turan.

*(2) Motobisii yaa bulee*
*Balaan kee na hinhanqatu*
*Amma yaa Fiixaa Bal'aa*
*Mana hidhaatan bule*
*Waaqatu na baase ulee*
*Boombiin mataan hidhaadhaa*
*Giddiitu manaa na baasee*
*Akka sangaa didaadha*.

Sirbi armaan olitti dhiyaate kun ergaan isaa namni maqaan isaa Fiixaa Bal'aa jedhamu mana hidhaaa keessatti dararmuu kan ibsudha. Fiixaa Bal'aa immoo namoota diddaa abbaa lafaa baqatanii gara Ulaa Duulaatti baqatan keessaa isa tokko ture. Namoota isa waliin achitti duulan kana waliin shiftaa ta'anii loon warra abbaa lafaa qalachaa turan. Haala kanaan yeroo dheeraa dhoksaa jiraachaas turan. Haa tahu malee, guyyaa tokko akka carraa qabamee Hayila Sillaasee fulduratti dhiyaachuun murtii argatee ture. Murtii kunis mana hidhaa akka seenu taasise. Yeroo qabamee hidhamu sanas uleen hin rukutamne. Kanarraa ka'uun Waaqatu na baase ulee jedhee kan sirbe tahuu isaa agarsiisa. Gama biroon, mana isaatii kan bahe jaalatee osoo hin taane roorroo nafxanyaatiin dirqamee tahuu isaa sirbaan himate. Sangaan akka salphaatti naannoo qe'eetii gabaa bahee gabaatti hin gurguramu. Yookaan immoo sangaa didaan akka salphaatti camadamee lafa hin qotu. Namni onnee qabus akkasuma. Salphaatti diinaaf harka hin kennu. Diinaafis gadi jedhee ergamtuu tahee hin hojjatu kan jedhu ergaa dabarsuuf sirba sirbamedha.

(3) *Tabba gama mootiin ture.*
*Raase kaa raase raasee*

*Shufeeriin marii raasee*

*Gommaan lafa raase*

*Gommaan gombisa hinqabu*

*Akkam goota yaa Fullaasaa*

*Mariin jaarii hindhaabuu*

*Nambsee dhugaan hindhoowwuu*

*Kimbil godhe kaa Dhugaasaa*

***( Lataa Sabbooqaa 23/8/2015)***

Afwalaloon sirba armaan olitti dhiyaatee ergaan isaa, konkolaataan yeroo sana lafa qotu dhuftee harbuu jalatti jaarii yookaan Abdaarii jalaa jiskite. Yommuu sana jiraattonni naannoo sanaa ulaa Duulaa jiran arganii baay'ee rifatan. Namni maqaan isaa Fullaasaa Jedhamu naannoo sanatti ayyaantuudha. Abdaarii kanas baay'ee kabaja. Ni kabachiisas. Akkam goota kaa Yaa Fullaasaa kan jedhaniin sirbaniifis kanaafidha jedhama. Haa tahu malee, Konkolaachisaadhaa mariin konkoolaataa sanaa qabamuufii didee naannaahee lafa dhahe. Konkolachisaas achumatti lubbuun keessa baate. Yeroo sanatti dhugaan abdaarii keenyaa ammayyuu mul'ate. Konkolaachisaan yoo du'es lubbuu isaa dhugaan hin dhoowwu. Dhugaan lubbuu namaatii ol tahuu isaa ibsuuf gammachuu isaanii sirbaan ibsatan jedhama.

*(4 ) Huccuu Bakkanniisaa*

*Kamtu lolee wal dhiisa*

*Aaree maalifan si dhiisa*

***(Kaasaa Maammoo 17/8/2015)***

Ergaan walaloo armaan oliis yeroo namoonni Ulaa Duulaatti baqatanii shiftaa ta'an sana wal jajjabeessanii tokkummaan akka lolan ibsuuf sirba sirbame tahuu agarsiisuufi. Yeroo sana Oromoo Ulaa duulaatti galee shiftaa tahe kanatti Abbootiin lafaa nafxanyoonni baay'ee itti aaran. Aaranis hin dhiifne itti duulanii achii ari'uuf yaalii baay'ee taasisan. Mootii Hayila Sillaasettis himanii shiftoota kana achii balleessuuf yaalii guddaa godhanii turan. Haa tahu malee, Shiftoonni Ulaa Duulaa qabatanii turan sun kan duraa caala cichanii jala dhaabatanii loluun ofirraa dhoowwan. Kanaaf jedhaniin, kamtu lolee wal dhiisa, aaree maalifan sidhiisa jechuun xiiqii keessa galanii weerara abbaa lafaa waraananii ofirraa ari'uu isaanii ibsuuf afawalaloo akkana fayyadamanii wal kakaasan jedhamee himama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun akka walii galaatti, boqonnaalee shan kan ofkeessaa qabu yemmuu ta'u, Boqonnaa tokkoffaa keessatti, mataduree qorannichaa, "Xiinxala Afseenaafi Afwalaloo Ulaa Dulaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraarratti." kan jedhutuu dhihaatee itti aaansun immoo, seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannicha, ibsa haala iddoo qorannichaa, Hidda latiinsa Oromoo Lammii kuraa walduraa duubaan ta'anii jiru.

Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo, Sakatta'a barruu seensa afoolaa, afseenaa, afwalaloofi maleenya seenaawaa kaa'uun xinxaluun addeessee jira. Qorannoowwan walfakkii afseenaafi afwalaloo ulaa duulaa waliin wal qabatan fa'a ilaalun, hanga tokko afseenaafi afwalaloo bakka seenaa kana wajjin kan wal qabatan boqonnaa lama keessatti ilaalamuun ciminni isaanii irraa fudhatamuun garaagarummaan jirus ibsameera. Yaadiddamoota afseenaafi afwalaloo irratti barreeffaman irrattis yaadni qorataa itti dabalamuun mataduree wajjin wal simsiifamuun xinxalamanii jiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti,wantoonni dhihaatan:- saxaxaafi mala qorannichaa jalatti, saxaxa qorannichaa, mala qorannichaa, iddattoofi malleen iddatteessuu, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, afgaaffii, marii gareefi daawwannaafi mala qaaccessa ragaalee, naamusa ogummaa qorannichaa, madda odeeffannoo, qindoomina qorannichaa, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannamu, mala qaaccessa ragaaleefi adeemsi ragaaleen ittiin funaanamaniiffi ittiin xinxalaman duraa duubaan dhihaatanii jiru. Haalota kana galmaan gahuuf, mala funaansa ragaalee, afgaaffii, marii gareefi daawwannaadhan, yeroo hedduu yeroo isaaniif mijatu irratti argamuun, yeroo heddu adeemsisuun odeeffannoo sassaabuun danda'amee jira.

Boqonnaa afraffaa keessatti immoo, yaadni ragaalee bifa afgaaffii, marii gareefi daawwannaatiin funaannaman, akkaataa dubbii namoonni dhugoomsaniin afseenaa bakka seenaa moggaasa isaa waliin, walitti dhufeenya Ulaan Duulaa Oromoo naannoo kanaafi lafa waliin qabuufi afwalaloon isaa xinxalamaniiru. Akkaataa gaaffiilee bu'uuraa qorannoo boqonnaa tokko jalatti kaafamaniin deebiin isaanii xinxalamuun ibsamaniiru. Ergaan afwalaloo isaaniis xinxalamuun tokko tokkoon tarreeffamuun ibsamaniiru. Xiinxalli qorannoo kanaa keessatti adeemsifame, "Afseenaafi Afwalaloo Ulaa Dulaa Kutaa Magaalaa Lammii Kuraarratti.irratti kan xiyyeeffateedha.

Bakka seenaa kana rakkoon sodaan hawaasaa gidduu jiru irratti xiyyeeffachuun haala ta'aa tureefi ta'aa jiru xinxaluun ibsamuuf yaalamee jira. Rakkooleen jiran hawaasni duraan buqqa'e deebi'ee dhufa jedhanii sodaachuufi lafa isaanii deebifachuu danda'u kan jedhu illee waan jiruuf kanas, xinxaaluun bu'aa asirraa argaman ibsuufi ragaalee mala funaansa odeeffannoo afgaaffii, marii gareefi daawwannaa irraa argaman bu'uura godhachuun cuunfaa qorannichaa akka armaan gadiitti ka'amanii jiru.

Haaluma kanaan, odeeffannoo marii garee irraa argameen kanneen qorannicha keessatti xinxalaman, afeesnaawwan iddoo .Ulaa Duulaanfi Moggaasni isaas jiraattota naannoo arrabsaa roorroo abbaa lafaa yeroo mootii Hayla Sillaaseetii baqatanii duuluun ulaa qabatanii diinaan lolanii injifataniin kan wal qabatu akka tahe, afseenaawwan bulchiinsa kutaa magaalaa keessatti dubbatamu kanneen walitti dhufeena lafaafi uummata kana waliin wal qabatanii dubbataman seenaa Nugusa warra Erer, lola Xaaliyaanii, diddaa abbootii lafaafi diddaa dhaabbilee amantii akka tahe xiinxalameera. Afseenaan bakka ulaa duulaa keessatti dubbatamu seenaa gootummaa jiraattota naannoo sanaa kan ibsu akka tahe. Kana malees, yeroo namoonni Arraabsaa jiraatan diddaa abbaa lafaa Mootii Hayila Sillaasee mormuuf duulanii turan san bakkeewwan dhaabbilee amantiin dhiibamanii turan bakka Muudaa Birbirsaaafi Tulluu Kormaa/ Siidaa Kormaa akka tahe, bakkeewwan ulfoo naannoo kanatti argaman Malkaa Irreessaa Gunjaar, Malkaa Bashaallee, Malkaa Carii, Malkaa xaafoo, Malkaa Irreessa Aqaaqiifi Tulluu Araaraa jedhamanii akka beekaman ibsameera.

Gama biroon, afwalaloowwan Ulaa Duulaan walqabatanii sirbaman afwalaloo: ulfina Tulluu Erer. dhiibbaa amantii, diddaa keessaa hawaasa naannoo Ulaa Duulaa, diddaa abbaa lafaa, diddaa Xaaliyaaniifi balaaleffannaa diddaa nafxanyoota yeroo sanii kophaa kophaatti kan jiran hawaasa naannoo Arraabsaa biratti kan beekaman tahuufi dhiibbaa sirna abbaa lafaatiin hawaasa Oromoo naannoo bakka seenaa kanaa irraan gahee akka tahe.

Walumaagalatti afseenaafi afwalaloon ulaa duulaan wal qabatu seenaa jiruufi jireenya hawaasa naannoo yeroo sanii kallattii adda addaan kan ibsu tahee dhaamsi isaa gootummaafi birmadummaa yeroo sanaa waliin waan wal qabatuuf, seenaa baay'ee murteessaa taheefi hawaasni Oromoo beekuu qabu tahuu isaa ibsameera.

## 5.2. Argannoo

Qorannoo kana jalatti odeeffannoo od-himtootaafi daawwannaan argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikni itti kennameera. Gaaffiiwwan bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an irratti hundaa'uun deebii argame irraa argannoowwan argaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

● Afseenaan "Ulaa Duulaa," bakka Oromoon naannichaa qabiyyee ykn weerara "Nafxanyoota" fi abbootii lafaa Habashootaa mormachuuf duula itti bahaa turan yemmuu tahu, akka karra bahiinsaatti ykn "ulaa" tti illee tajaajilaa kan turedha. Sanirraa ka'uunis, maqaa bakkichaa "Ulaa Duulaa" akka jedhameedha.

● Ulaan Duulaa, akka giddu-gala sochii siyaasaa yeroo sanaatti kan tajaajile yemmuu tahu, innis, gosti Arraabsaafi Gaaleeyyii jedhaman abbootii lafaa (Nafxanyoota) ofirraa qolachuuf diddaa *(resistance)* walirraa hin cinne taasisaa turan kan ittiin yaadatan, bakka seenaa *(historical site)*, fakkoommii diddaa *(symbolic resistance)* isaaniiti.

● Afwalaloon bakka seenaa Ulaa Dulaan walqabatanii dhiyaatan afwalaloo abbaa lafaan walqabatan, lola Xaaliyaanii, "Nugusa Warra Erar," dhiibbaa amantiifi "Naafxanyoota" waliin kan walqabatan tahuu isaanii.

## 5.3. Yaboo

Argannoorratti hundaa'uun qoratichi yaboon qorannichaa akkaataa armaan gadii kanaan ibsamanii jiru. Yeroo abbootiin lafaa Mootii Hayila Sillaasee jala seenanii uummata naannoo Arraabsaa irratti dhiibbaa olaanaa taasisaa turan sana Ulaan Duulaa seenaa guddaa qaba. Haaluma kanaan, Ulaan Duulaa seenaa maalii waliin akka wal qabatu, afseenaa ulaa duulaan wal qabatanii bakkeewwan seeneffaman, Yeroo lola ulaa duulaa san bakkeewwan amantiin dhiibaman eessafaa akka tahan, Akka aadaa naannoo arraabsaatti bakkeewwan ulfoo ulaa duulaa eessafaa akka tahan, Afwalaloo Ulaa Duulaan wal qabatanii sirbaman maalfaa akka tahaniifi sirni abbaa lafaa yeroo sana hawaasa naannoo Ulaa Duulaa jiran, gama siyaasummaan, hawaasummaanfi dinagdeen dhiibbaa akka irraan gahaa turan beekamaadha. Kanaafuu dhaloonni har'aa seenaa darbe kana beekee, roorroon kana fakkaatu uummata isaatti akka hin deebine afseenaafi afwalaloo iddoo seena qabeessa kanaa dhaloota akka barsiisutu irraa eegama.

● Afseenaafi afwalaloo Ulaa Duulaan walqabatan hawaasa naannoorraa viidiyoodhaan waraabanii godaambaa osoo galchanii.

- Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaas, bakka seenaa Ulaa Duulaa qorachuu, kunuunsuufi eeguu, bakka daawannaa taasisuu, afseenaafi afoola bakkichaas dhalootaaf utuu dabarsanii.

- Qabiyyeen afseenaafi afwalaloo seenaa iddoo seena qabeessa Ulaa Duulaan walqabatanii gootummaa waan nama barsiisuuf dhaloonni irraa baratee seenaa naannoo isaa osoo beeke gaarii taha.

- Dokumantariin miidiyaalee seenaafi Afaan Oromoo irratti hojjataniin hojjatamee addunyaadhaaf osoo dhihaatee.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa. Finfinnee: Efficiency Printing press.

___(2011). Akkamtaa: Yaadirmee Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Efficiency Printing press.

____(2016).Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaanniifi Afoola Oromoo. Oromiyaa: Finfinnee.

Alice Mortan. (1975). Rethinking and Symbolism. Cambridge University press.

Andizerjewsku, B.W (1985). Literature in Cushitic Language other than Somali in literature in Africa Language. Cambridge: Cambridge University Press

Asafaa Tafarraa, (2009), Eelaa, Seena oguma Oromoo. Finfinnee: Finfinnee First trading

Asaffaa Tafarraa. (2003). "Towards a political sociology of Oromo literature, Jarso wakos Poetry".Addis Ababa University, MA thesis

Awoonor, K. (1975). The breast of the earth. A survey of the history,culture and literature of Africa South of the Sahara.Nigeria:Nok publishers, International.

Bartle, lambent. (1983). Oromo Religion myths and Rite of the Western Oromo Ethiopia.

Bascom,W.R. (1965). Four Functions of Folklore, in Dundes, A. (1965). The Study of Folklore. Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Bascom, W. (1972). American folkelore in the new world blooming to and Indian polis: Indiana University Beach Bst,J.

Beekan Gulummaa (2015). Dimdimoo: Cooma Aadaafi Afoola Uummata Oromoo: Finfinnee, Oromiyaa.

Berg, B. (2001). Qualitaive research methods for the social sciences, California state University, long

Bukeenya Austin, (1994). Understanding Oral literature.Nirobi City University press

Campa, Arthur l. (1995).Folklore and history, western folklore.Published by western states of folklore society URL.

Canonici, Noverino N. (1996). Zulu Oral Taditions. Zulu Language and Literature Durban: University of Natal.

Cerulli Enrico.(1922).The folk literature of the[Oromo] of southern Abyssinia.

Dastaa Dassaalegn. (2002). Buuura qorannoo. Addis Ababa. Mana Maxxaansaa Boolee

Dastaa dassaaleny. (2013). Bu’uura qorannoo. Addis Ababa For East Trading PLC.

Dastaa dassaaleny, (2015). “ A functional Study Of Tulama Oromo Oral Prose Narratives: A Dissertation Submitted To Foreign Language Department And Literature In Fulfillment For The Requirement Of The Degree Doctor Of Philosophy” A.A.U. (Unpublished Phd Thesis)

Fedhasaa Taddasaa.(2013). Subii: Bu’uuraalee ogbarruu Oromoo. Finfinnee: Subii printing

Finnegan R, (1970). Oral literature in Africa. The oxford library of African literature: Oxford University Press Eastern Africa

Finnegan R, (1992).Oral Tradition and the Verbal Art, Aguide to Research Practices. Newyork: Francis e-Library. Asia publisher ltd.New deshi

Gemechu Bekele. (2003). A study of major themes in game Sellected songs of Ilfinesh Keno Unpublished MA thesis, Addis Abeba University.

Giddu Gala Aadaa Oromoo. (2012) Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa. Mana Maxxaansaa Boolee.

________________. Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa Jildii 1ffaa. Mana Maxxaansaa AM PLC

________________. Wiirtuu Jildii 10ffaa Barruu Qormaata Afaan Oromoo. Mana Maxxaansaa Branna P.E

Kotheri, C. R. (2004). Research Methedology. Methods and Techniques, 2ND (Edt) Indian: new Ageinternational Ltd.

Misgaanuu Gulummaa, (2011). Dilbii,bu'uura afoolaa, og-afaanii fi af-walaloo: Finfinnee, Oromiyaa.

Okpewho, I.(1992). African Oral Literature.Back grounds, Character and Continuity. Bloomington: India University Press.

Oring, E.(1986). Folk Groups and Folklore Genres: Anintroduction. Logan Utaha: Utaha University press

Pickering.M .(2008).Research Methods for cultural Studies.Edinburgh University press.

Punch, F. (2998) .Introducing to Social Research. New Delhi: SAGE publications, Indian pvt.Ltd.

Richard M . Dorson.(1972). Folklore and folklife: An introduction.Lendon University of Chicago

Sarantakos, S. (2005). Social research. Beijing: palgrave macmillan Ltd.

Sumner, Cloude. (1996). Oromo Wisdom Literature. (volume.III) Folktales Collections and Analysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundations

Taammanaa, (1983). "On Some Oromo Historical Poems" kan jedhu waa'ee Finfinnee irratti kan dhiyaate

Tafarii Ayyaanaa. (2004). Afaan Oromoo New Syematic Books series. Aster Nega publishing interprise

Vansina Jan. (1985), Oral Tradition As History, The Bord Of As History Regents Of The University Of Minsconsion System, 1985

Wasanese Bashaa, (1984). Barrulee Sinbirtuu.Finfinnee, Oromiyaa

Warquu Gaaddisaafi Kaawwan,(1993).Wiirtuu: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo (Jil.6).Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromoyaa.Mana maxxansaa liberaal.

**Dabalee A**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jurnaalizimiifi Quunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

Obbo/Aadde________________________________________________

Duraan dursee yeroo keessan aarsaa gootanii gaaffii qorannoo koo digirii lammaffaa ittiin eebbifamu naaf deebisuuf argamuu keessaniif guddiseen isin galateeffadha. Maqaan koo Sanyii Garbii Gammachuu jedhama. Yunvarsiitii Finfinneetti Muummee Barnoota Afaan Oromoo barataa digirii lammaffaa Ganna Afraffaati

Matadureen qorannoo koo "Ulaa duulaa: xiinxala bakka seenaa ija afseenaafi afoolessaan" jedhurratti kan xiyyeeffatedha. Afseenaafi afoola naannoo bakka seenaa kana ibsuurratti gahee guddaa qaba

Gaaffileen qorannoo kanaa deebii ga'aa yoo argate bakka seenaa Ulaa Duulaa waliin wal qabatanii afoolaafi afseenaadubataman qaaccessuuf kan gargaarudha. Gaaffii kana deebisuu dhiisuu dandeessu , milkaa'ina qoraannoo kanaaf deebiin keessan murteessaa waan ta'eef gama keessaniin amanamummaan waan beektan akka naaf gumaachitan kabajaan isin gaafachaa gaaffiilee isin gaafatamtan dhimma mataduree qorannoo kanaa qofaaf kan ooludha. kanaafuu, shakkii ykn sodaa tokko malee beekumsa dhimma kanarratti qabdan akka naaf qooddan abdiin qaba.

**Af-gaaffii Namoota Odeeffannoo Kennaniif Qophaa'e**

1. **Odeeffannoo Dimshaashaa**

   1.1 Maqaa ____________________________ Saala: Dhiira ____ Dubara/tii ____

   1.2 Umurii _______ Lak. Bilbilaa ________________

   1.3 Ganda ___________ Gooxii ___________ Garee Misoomaa ____________

   1.4 Sadarkaa Barnootaa _____________

2. **Seenduubee Hawaasichaa Ilaalchisee**

   2.1 Kutaan magaalaa kun yoom hundeeffamte? Moggaasa maqaa kana maal irraa argatte?

   2.2 Latiinsi hidda uummata Oromoo naannoo kanaa eessa?

   2.3 Sabaafi sablammoota isaan kamtu kutaa magaalaa kana keessatti argama?

   2.4 Haalli qilleensaafi dinagdee naannoo kanaa maal fakkaata?

   2.5 Amantaawwan isaan kamtu naannoo kana keessatti argamu?

   2.6 Afaan naannoo kana keessatti dubbataman isaan kam fa'i?

3. **Odeeffannoo Qorannichaa**

1. Bakki ulaa duulaa jedhamu eessatti argama?
2. Moggaasni ulaa duulaa jedhamu maal irraa kahee moggafame?
3. Bakka ulaa duulaa jedhamu kanatti maaltu raawwatame?
4. Seenaan bakka ulaa duulaa kun eenyuun walqabata?
5. Ulaa duulaa irratti eenyufaatu hirmaate?
6. Bakkeewwan seenaa ulaa duulaan wal qabatan jiruu?
7. Seenaan kun bara mootii kamii keessa raawwatame?
8. Namoonni dhuunfaan bakka kanatti dhiibbaa uumaan jiruu?
9. Gosti bakka kanatti miidhame jiraa

**Dabalee B**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jurnaalizimiifi Quunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

**Gaaffilee Marii garree Warra dhiiraaf dhiyaate**

**1.** Bakka ulaa duulaan walqabatee weedduuwwan weeddifaman jiruu?

**2.** Weedduun yeroo sana jedhaman kam fa'i??

**3.** Weedduuwwan jedhaman keessaa kun eenyuuf jedhaman?

**4.** Sirni yeroo sanaa dhiibbaa irraan gahee jiraa jettanii yaadduu ?

**Dabalee C**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jurnaalizimiifi Quunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

Maqaa Namoota Odeeffannoo Af-gaaffiirratti Hirmaatanii

| T.L | Maqaa Od-himtootaa | Koor. | Umrii | Gahee hojii | Naannoo jireenyaa | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Sabbooqaa Damisee | Dhi | 67 | Qotee bulaa | 06 | 2015 |
| 2 | Hordee Damisee | Dhi | 64 | Jaarsa biyyaa | 04 | 2015 |
| 3 | Kaasaa Maammo | Dhi | 72 | Qotee bulaa | Erer | 2015 |
| 4 | Gaaddisee Sabbooqaa | Dha | 58 | Qotee bultuu | Erer | 2015 |
| 5 | Balulee Gurmee | Dhi | 69 | Qotee bulaa | Andoodee | 2015 |
| 6 | Tasfaayee Dhaabii | Dhi | 77 | Qotee bulaa | Andoodee | 2015 |
| 7 | Nigaatuu Nagaraa | Dhi | 73 | Jaarsa biyyaa | 04 | 2015 |
| 8 | Darajjee Adaanaa | dhi | 58 | Qotee bulaa | 06 | 2015 |

**Dabalee D**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jurnaalizimiifi Quunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

Maqaa Namoota Marii Gareerratti dhiyaatanii

| T. L | Maqaa Od-himtootaa | Koor | Umrii | Gahee hojii | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tashoomaa Raggaasaa | Dhi | 59 | Qotee bulaa | Eekkaa Boolee | 19/1/2016 |
| 2 | Lammaa Ballaxaa | Dhi | 72 | Qotee bulaa | Arraabsaa | |
| 3 | Raggaasaa Hayiluu | Du | 55 | Qotee bulaa | Jaarsoo | |
| 4 | Dinqee Damisee | Du | 65 | Qotee bultuu | Gooroo | |

**Dabalee E**

**Yuunivarsiitii FinfinneeKolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jurnaalizimiifi Quunnqmtii, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii Afwalaloo Ulfina tulluu**

**Ereer**

*(1) Erer yaa sammuu sariitii*
*Halkan moo guyyaatu caalaa*
*Halkan maa daftee bariiti.*

*(2) Gaarri Eroo torbaa muuxxichaan sagalii*
*Sagal bulii koottuu sagalee too barii*

**Afwalaloo dhiibbaa amantii ibsu**

*(1) Shaggar jirti sheekinii*
*Addis ababaa jirti sheekinii*
*Nuti rabbirraa dhufnee*
*Amanaa fudhaa jette qeesinii.*

*(2) Yaa qeesii goorgisii*
*Daawitii gombisii*
*Yaa qe'ee abbaa hinqabnee*
*Situ ofirratti jibbee*
*Yaa qe'ee abbaa qabuu*
*Situ ofirra bulchee*
*Taa'iiti roorrisii*

**Afwalaloo diddaa keessoo hawaasa naannoo ulaa duulaa**

(1) *Yaa ganda jimaa waarii gololee*
*Dhaltiin natti mar'attee*
*Jabbiin natti mar'atte*
*Garan itti galun dhabee*

*(2) Maalii iliilchaa dhufee x2*
*Loon dhiirri gadhiisee*
*Ani dubartiin harma jigaa ta'ee fuudhee dhufee*

**Afwalaaloo diddaa abbaa lafaa**

(1) *Hoolota gugguurraa yaa gaggaarree*
*Abbaa lafaa yaa faggaarree*
*Nan bita kaloo koo fagaadhee*
*Yoon shillingii koo qabaadhe.*

*1. Yaa bishaan shaggar qarree*
*Saayinaa uree lafa seenuufi*
*Nagaatti yaa biyya koo*
*Baaburri dhufee anideemuufii*
*Yaa baabura ittiyyee*
*Akka shuwwisuu, namaan kuffisuu.*

*2. Tufaan shaggarii gala*
*Dirribii kutaa gadi dhiiseetoo*
*Garaan koo badi jedhaa*
*Araddaa duraa gadi dhiisetoo*

*(4) Migira yaa daarii lafaa*
*Abbooyyeen gasoo diddeeni*
*Ani aariin ulaa lixee rafaa.*

(5) *Yaa bashallee yaa bashallee*
*Ijoolleen daamaa gugsitii*
*Lafti keenya dubbii hindhabu*
*Amma hambaa dubbiiti.*

*(6) Dur qotiyyoo hinqabu*
*Inyiin qotadha malee*
*Amma niitii hinqabu*
*Si gabaan gala malee*

**Af walaloo diddaa xaaliyaanii**

*(1) Maaloo maaloo nugusa keenyaa×2*
*Maa rakkaturee maa rakkaturee anuu gala gaye*
*Maa rakkachuu didamaa rakkachuu didna*

*Amasittu farasanyaan nurra ba'e*

**Afwalaloo Balaaleffannaa Nafxanyoota yeroo Sanaa ibsu**

*(1) Ka'eetan deemaa lafa wasanee Allaa*
*Shiftaa nan haa jettuu loon Abbooyyee qallee galla.*
*(2) Motobisii yaa bulee*
*Balaan kee na hinhanqatu*
*Amma yaa Fiixaa Bal'aa*
*Mana hidhaatan bule*
*Waaqatu na baase ulee*
*Boombiin mataan hidhaadhaa*
*Giddiitu manaa na baasee*
*Akka sangaa didaadha.*

*(3)Tabba gama mootiin ture.*
*Raase kaa raase raasee*
*Shufeeriin marii raasee*
*Gommaan lafa raase*
*Gommaan gombisa hinqabu*
*Akkam goota yaa Fullaasaa*
*Mariin jaarii hindhaabuu*
*Nambsee dhugaan hindhoowwuu*
*Kimbil godhe kaa Dhugaasaa*
*4 ) Huccuu Bakkanniisaa*

*Kamtu lolee wal dhiisa*
*Aaree maalifan si dhiisa*